

XIINXALA QOODDATTOOTAA FI MALLEEN
QOODDACHIISUU ASOOSAMA MIL'UU MILIQUU

GAADDISAA DHAABAA BAAYISAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

XIINXALA QOODDATTOOTAIFI MALLEEN
QOODDACHIISUU ASOOSAMA MIL'UU MILIQUU

QORATAAN: GAADDISAA DHAABAA BAAYISAA

GORSAAN: TAADDASEE JAALLATAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU

FOOKLOORII

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA

JOORNAALIZIMIIF QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

Galata

Waan hundumaa dursa bu'aa-ba'ii jireenyaa hedduu keessa na dabarsee, fayyaatti na eegee isa sadarkaa kanaan na ga'e Waaqayyoon guddiseen galateeffadha.

Itti aansuudhaan nuffii tokko malee dhiyaannaa gaarii natti agarsiisuun hanqinoota jiran sakatta'uun na qajeelchitanii milkaa'ina qorannoo kanaa kan taatan gorsaakoo Dr. Taaddasee Jaallataa (PhD) Waaqayyo beekumsa keessan kuma kitilaan isiniif haa dabalu; kabajamaa!

Dabaluunis, garaatti na baachuurraa eegaltee hanga har'aatti si'a tokkoof osoo na hin'nuffiin aarsaa guddaa natti kaffaluun sadarkaa kanarra akkan ga'u kan na taasiste haadhakoo Koloolee Akkumaa umuriinkee naaf haa dheeratu! Guutummaan guutuutti hindanda'uu hamman danda'e nama gatiikee baasu akkan ta'uuf Waaqayyo na haa gargaaru.

Abbaakoo Dhaabaa Baayisaa oolmaan ati anaaf oolte na gorsuun, qarshiin naa gargaaruun yeroo hundumaa gahee abbummaa ati naaf ooltef, anis gatii kee baasuuf Waaqayyo umrii kee kan harragessa naaf haataasiisu.

Akkasumas, obbolootakoo garaa tokko keessaa wajjin dhalanne: Mulee, Almaaz, Alaamayyoo, Daachasaa, Wandimmuu, Dammanaa, Gaaddisee, Dastaa, Daamisee, Sooromee, Badhaatu fi Badhaanee isa sin sadarkaa kanarra ga'uukoo keessaa qooda guddaa eenyuyyuu naaf ooluu hindandeenye naaf ooltaniittuu ulfaadhaa; kabajamaa.

Kana malees, hiriyyootakoo mooraa Yuunivarsiitii Finfinnee kanneen taatan: Firoomsaa Daabaalii, Guddinaa Taasisaafi Dirribaa Tolasaa oolmaa isin anaaf ooltan qarshiitti kan tilmaamamu miti; oolmaa keessan waaqayyo isiniif haa kaffalu.

Axeereeraa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mala qooddachiisuu asoosama "Mil'uu miliquu " xiinxaluudha. Hangan qorannoo mata-duree kana waliin wal fakkaatu ilaaluuf yaaleetti qorannoo muraasatuu geggeeffame. Kanumarraa ka'uudhaan gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf yaaleera. Malli qorannoo kanaa mala akkamtaatti dhimma bahuun yommuu tahuu, mala akkamtaa keessaas miti-carraadha. Mit- carraa keessaa ammoo, mala akkaayyodha. Kunis gaaffilee qorannichaa fakkeenya lamaafi isaa oliin ibsuun xiinxala geggeesseera. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa Barreessaan tooftaa qooddachiisuu kallattiifi al-kallattii gargaaramuu, ulaagaa dinagdee, hawaasummaa, xiinsammuu, fudhatama qabaachuu qooddata irraati hundaa'ee qooddachiiseera. Akkasumas, qooddattoonni asoosama kana keessatti hojii hariiroo jaalala, hariiroo hiriyyummaa, hariiroo diinummaa akka qaban eerameera. Goobangaleesi, masaannoonnifi qooddattoonni gargaartuu ga'ee isaaniin adda baafamanii jiru.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Galata	i
Axeereeraa	ii
Baafata	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	2
1.3 Gaaffiiwwan qorannichi kaasu.....	3
1.4 Kaayyoo Qorannichaa	3
1.4.1 Kaayyoo Gooroo.....	3
1.4.2 Kaayyoo Gooree	3
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	4
1.6 Daangaa Qorannichaa	5
1.7 Hanqina Qorannichaa.....	5
1.8 Malleewwan Qorannichaa.....	6
1.8.1 Akaakuu Qorannichaa	6
1.8.2 Madda Ragaalee Qorannichaa	6
1.8.3 Maloota ittiin ragaalee funaanee.....	6
1.8.4 Maloota ittiin iddatan fudhataman.....	7
1.8.5 Maloota ittiin ragaaleen secca'aman	7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU	8
2.1 Maalummaa Sakatta'a barruu walfakkii	8
2.2 Yaadrimee Asoosama:.....	8
2.2.1 Tooftaawwan qooddattootaaf itti ga'e kennan	9
2.2.1.1 Qooddattoota dhaabbii qaamaan hirmaachisu	10
2.2.1.2 Qooddattoota amalaan hirmaachisuu	10
2.2.1.3 Qooddattoota hawwaasummaan hirmaachisuu	11
2.2.1.4 Qooddattoota xiinsammuun hirmaachisuu	11
2.2.1.5 Qooddattoota ofin dubbii	12
2.2.2 Akaakuuwwan Qooddattoota asoosama	12

2.2.2.1	Qooddattoota gurguddoo	12
2.2.2.2	Qooddattoota xixiqqoo.....	14
2.2.3	Maalummaa Qooddattootaafi Qooddaachiisuu:	14
2.2.4	Sakatta'aa Barruu walfakkii	16
BOQONNAA	SADII (3) XIINXALA RAGAALEE	18
3.1	Hiika maqaa asoosama dheeraa "mil'uu miliquu"	18
3.2	Seenaa Asoosama dheeraa Mil'uu miliquu gabaabinaan	18
3.3	Yaadrimee Qooddattootaafi Qooddaachiisuu Asoosama.....	20
3.4	Akaakuu Qooddattoota Asoosamaa mil'uu miliquu.....	20
3.4.1	Xinxala Qooddataa Goobangaleessa Asoosama mil'uu miliquu	21
3.4.2	Xinxala Qooddattoota Masaanuu Asoosamichaa	22
3.4.2.1	Xinxala qooddattoota masaanuu poolisoota sirna yerichaa	22
3.4.2.2	Xinxala qooddataa masaanuu mammiree zamanuu	24
3.4.2.3	Xinxala qooddattoota masaanuu jaldeessa Kaabaa.....	26
3.5	Xinxala Eenyummaa keessoo fi alaa qooddattoota asoosama dheeraa mil'uu miliquu	28
3.5.1	Xinxala eenyummaa keessoofi alaa goobangaleessaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu.....	29
3.5.1.1	Jaawwaraa Eenyummaa keessoo isaa	29
3.5.1.2	Jaawwaraa Eenyummaa alaa isaa	30
3.5.2	Xinxala Eenyummaa keessoofi alaa qooddattoota gargaartuu asoosama mil'uu miliquu.....	31
3.5.2.1	Kuluulee Eenyummaa keessoo ishee	31
3.5.2.2	Kuluulee Eenyummaa alaa ishee	32
3.5.2.3	Abbaa Margaa (Saaqqataa) Eenyummaa keessoo isaa	33
3.5.2.4	Abbaa Margaa (Saaqqataa) Eenyummaa alaa isaa	35
3.5.3	Xinxala Eenyummaa keessoo fi alaa qooddattoota masaanuu asoosama dheeraa mil'uu miliquu	36
3.5.3.1	Poolisoota Eenyummaa keessoo isaanii.....	37
3.5.3.2	Poolisoota Eenyummaa alaa isaanii.....	38
3.5.3.3	Mammiree Zamanuu Eenyummaa keessoo isaa	39
3.5.3.4	Mammiree Zamanuu Eenyummaa alaa isaa	40

3.6 Xinxala haala qooddachisa qooddattoota asoosama dheeraa mil'uu miliquu	41
3.6.1 Xinxala qooddachisa haadhummaa	42
3.6.1.1 Harmee kuluulee	42
3.6.1.2 Haadha Margaa	43
3.6.1.3 Rabbiituu Beekaa	44
3.6.2 Xinxala qooddachisa Abbummaa	44
3.6.2.1 Abbaa Jaawwaraa (Caattoo)	45
3.6.2. 2 Abbaa Margaa (Saaqqataa)	45
3.6.3 Xinxala gahee Qooddattoota Jaalalaa / Dargaggeeyyii	46
3.6.3.1 Jaawwaraa Caattoo	46
3.6.3.2 Kuluulee	50
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA	53
4.1 Cuunfaa	53
4.2 Argannoo	54
4.3 Yaada furmaata	55

WABII

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogbarruun Oromoo yeroo amma kana sadarkaa garagaraatiin yeroo inni guddinarra jiru ta'uun isaa beekamaadha. Garuu guddinaafi baayyina uummata Oromoo waliin yeroo walbira qabamee ilaalamu sadarkaan guddina isaa kan nama qubsu miti. Sababni ogbarruun afaanichaa guddinni isaa akka boodatti harkifamu taasiise sirna bulchiinsa mootummoota Itoophiyaa bulchaa turan ta'uun gaaffii namatti waan ta'u miti. Sadarkaa afaanichaa utuu hin ta'iin dubbatan afaanicha illee akka hin jiraanneef yeroon hojjetama ture seenaa sabichaa keessatti akka godaannisaatti kan ilaalamu ta'ee galmaa'e jira. Yeroo amma kana garuu qabsoo uummanni Oromoo taasiisaniifi carraaqqii Hayyoonni Oromoo taasisaa jiranin ogbarruun afaan Oromoo barreeffamaa jiraachuufi qorannoowwan sadarkaa garagaraatti irratti qoratamaa jiraachuun sadarkaa jajjabeessa irraa ga'aa jiraachuun isaa abdachiisaa jira.

Qorannoon kunis dhiimma ogbarruu Oromoo kan qoratu yoo ta'u, xinxala qooddattootaafi mala Qooddaachiisuu asoosamaa dheeraa mil'uu miliquu irratti kan xiyyeeffatudha.

Ogbarruu Oromoo yeroo ilaallu, wantoonni lama yaadatamu qabu. Isaanii ogbarruu barreeffama fi oguma afaaniidha. Yaada kana asafaa (2009) akka ibsetti "...ogbarruun hojii kalaqa sammuu namaa ta'ee jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaniinis ta'e barreeffamaan mi'eessee miidhagsee kan dabarsuudha."

Ogbarruun oguma afaanii fi oguma barreeffamaa jedhamuun bakka lamatti qoodama:

- Oguma afaanii kan jennuu kan afaaniin bifa miidhagina qabuufi yeedaloo qabuun oguma uummanni (hawaasni) tokko addatti ittiin beekamu ta'e kan beekumsa, siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, muuxannoo hawaasaa, falaasama, afaanii, fi eenyummaan saba tokko karaa ittiin dhaloota dhalootatti ittiin darbu oguma afaaniidhaani.

- Oguma barreffamaa kan jennuu kan barreeffaman dhiyaatu ta'ee bu'uurri isa oguma afaanii kan ta'e yoo ta'u barreeffaman dhiyaataa. Oguma barreeffaman dhiyaatan keessa tokko asoosama.

Asoosama :asoosamni kalaqaa argaa yaadaa kan barreeffaman kalaqamee suuraa yookaan dhugaa jireenya dhala namaa Addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Kunis mudannoo, muuxannoofi gufannoo namni haala jiruuf jireenya isaa keessatti argamu mul'isuuf sammuu keessatti kalaqamee waraqaa irratti mul'atuudha. Dubbistoonnis haala sanarraa dhugaa uummata keessa jiru dhabatuu yookaan taatee darbees ni yaadatu. Qabiyyee ballina isaa irratti hunda'uun asoosama bakka lamatti (2)tti qoodama. Isaaniis Asoosama dheeraafi asoosama gabaabaa jedhamu.

Asoosamoota lamaan (2)na keessatti qoodattoonni ni argamu. Haaluma kanarratti hundaa'uun qorannoon kun qooddattootaf ga'ee qooddaachiisa asoosama dheeraa “Mil'uu miliquu “ xiinxaluudha.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamuuf yaadamu, ka'umsa mata isaa qaba. Kanaafuu qoratan qorannoo isaa adeemsiisuuf gaaffiiwwan qorannoon tokko kan ibsu qoratan tokko maalirraa ka'ee qorannoo akka geggeessu barbaade kan karaa namatti agarsiisuudha.

Haaluma kanan ka'umsi qorannoo kanaa kan armaan gadii kana ta'a. Kitaabni asoosama dheeraa **Mil'uu Miliquu** jedhu kun maxxansa jalqabaa bara 2013 ALA (2005 ALH) yoo ta'u bifa ga'umsa qabuufi dhugaa hawaasa keessa jiru bu'uureeffate feedhii nama hawwatuun ammayyoomee, kan barsiisa heedduu of keessa qabu waan ta'eef ga'een qooddattootaa achi keessatti argamanii irratti hundaa'uun qorannoon yoo taasifamee qooddattootaafi mala ittiin qooddachifame isaa xinxaaluuf karaa saaqa. Akkasumas dubbisanii sammuu hubachuuf ga'ee qoodattoonni achii keessa beekamu qabu kan jedhu yaada keessa galchuudhaan yaada kana akka ka'umsattii yaada keessaa galchuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii bu'uura godhachuun deebiiwwan isaaniif furmaata ni ta'uu jedhamanii yaadaman bu'uureffachuun qorannoo adeemsiisee jira.

1.3 Gaaffiiwwan qorannichi kaasuu

1. Barreessan asoosama keessatti maal irratti hundaa'uun miiraa akkamii gonfachiisuuniifi bakka akkamitti fakkaattota qooddachiise?
2. Haallii qooddachiisaan asoosamichaa sabseenaa fi ergaa akkasumas firiiwwan asoosamaa kanneen biroo waliin walqabatee deemaa?
3. Qooddattoonni asoosamichaa ga'ee maalii qabuu; dhimma qooddachiifamaniif sana agarsiisu danda'u?
4. Dhugaan uummata keessa jiruuf taateen qooddattoonni raawwaatan yookaan qooddattoota irratti gochii raawwaatamee walmaddii ni deemaa? Kan jedhuu xinxala.

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa haala waligalaa qorannichi kaasuu kaayyoo gooroo yoo ta'uu, qabxiiwwan gaaffataman deebisuun kan argamu immoo kaayyoo gooree jedhama. haala murtawaa qorannaa kanaa irratti hunda'uun karaa lamaan (2) ilaalamu danda'a.

1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Xiinxala ga'ee qooddattoota asoosama dheeraa “Mil'uu miliquu ” jedhuu keessa xiinxalee ga'ee qooddattoota achi keessatti argamanii adda baasee tokko tokkoo isaanii akka waliigalatti agarsiisuudha.

1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannaa kanaa immoo qabxiiwwan qorannichi kaasuu hunda tarreessuun, deebii qorannoon kun deebisuu kaayyoo gooree kana keessatti tokko tokkoon ka'ee deebiin yookaan xiinxallii itti kenname jira. Kanaafuu qabxiiwwan armaan gadii kana kaasuun deebii ittii kennee jira.

- Maalummaa maqaa asoosama mil'uu miliquu ni ibsaa

Maqaan asoosamichaa maal irratti hunda'ee akka mil'uu miliquu jedhame hiikkaa yaada barbaadame akka hubatamuuf ni ibsa.

- Seenaa asoosama mil'uu miliquu gabaabinaan ni ibsaa

- Gosoota qooddattoota asoosamicha keessa goobangaleessa, qooddattoota gargaartu fi qooddattoota masaanuu asoosamichaa ga'ee isaan qabaniin ni ibsibsa
- Ga'ee qooddattoonni dhuunfaan qaban ni ibsaa.
- Haala qooddachisa qooddattoota keessoo fi alaa Dhimmoota eenyummaa keessoon qooddachiisuufi eenyummaa alaan qooddachisaan ni ilaalla. Kunis akkaataa qooddaachiisaan qooddattootaaf waa'ee keessoo isaanii isaa dhoksa dandeetti, safuu, amala, garalaafina, hammina shira xaxuu fi haala ilaalcha keessoon isaanii ni ibsa. Akkasumas waa'ee eenyummaa alaa isaani gochaa qaamaa, biffaa, dhaabbii qaamaa, sadarkaa jireenyaa fi sadarkaa barnoota ni ibsa.

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa adda addaa /garaagaraa akka qabu amana.

- Qaamoota qorannoo kana fakkaatu adeemsisuu barbaadaniif akka ka'umsaatti isaan fayyaduu danda'a.
- Namoota asoosama sana dubbisaniif akka yaadni isaa ifa ta'uuf isaan gargaruu danda'a.
- Haala salphaa ta'een ergaan asoosamichaa akka dafee namni qooddattoota irraa gahee isaaniif kennamee irraa hubatuu ni gargaaraaraa.
- Ragaa barreeffaman taa'ee dhaloonni itti aanuu akka itti fayyadaman goochuuf.
- Ga'ee qooddattoonni asoosama keessatti qaban akka beekaniif ni fayyada.
- Barreessaan, asoosama tokko yeroo barreessuu gahee inni qooddattootaaf kennuuf dhugaa jiruu mul'isu akka danda'u beekuuf nama gargaara.
- Milkaa'ina eebbaa qorataa Kanaaf ga'ee ol aanaa ni qaba.
- Akkasumas itti dabaalee qoratan yeroo qorannoo kana geggeessuu dandeettii waa barreessuu danda'u fi akkaataa caaseffama wixineen barruu tokko ittiin qopha'uu danda'u hubatee jira. Kun immoo dandeetti beekumsa oguma afaanichaa barreeffaman gumaachuu keessatti gahee guddaa qaba.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko geggeeffamuuf daangaa kan mata isa qaba. Yoo akkas ta'e malee gaaffiiwwan murteessaa tokko deebisuu hin danda'u. Kanaafuu qorannoon kun asoosama dheeraa **mil'uu miliquu** irratti hunda'uun kanneen armaan gadiin daangeeffame geggeeffame.

- Maalummaa asoosama **mil'uu miliquu** ibsuu.
- Seenaa gabaabaa asoosama dheeraa **mil'uu miliquu** ibsuu
- Faayidaa qooddattoonni asoosama keessatti qaban ibsuu.
- Baayyina qooddattoota asoosama **mil'uu miliquu** ibsuu.
- Gosoota qooddattoota asoosama **mil'uu miliquu** ibsuu.
- Eenyummaa qooddattoota keessoo fi alaan qooddachiisu xinxaaluun ibsuu
- Haala qooddattoota gaheen dhimma itti bahameen ilaaluun ibsuu
- Ga'ee qooddattoonni qabaniin ramaduun ibsuu.
- Seenaa gabaabaa kitaaba asoosama **mil'uu miliquu** ibsuufi kan kanaa fakkaaniin kan daangeeffameedha.

1.7 Hanqina Qorannichaa

Hanqina qorannoo jechuun yeroo qorannoo kana qoratan adeemsiisuutti wantoota qorataa mudataniifi qoratan akka hanqinatti qorannicha keessatti kaasuudha. Kanaafuu hanqinoonni qorannoo kana keessatti mul'atan:kanneen armaan gadii ta'u.

- Qoratan yeroo qorannoo kana geggeessuuf ka'uutti haala salphaa ta'een barreessaa irraa hubachuuf Barreessaan kitaaba asoosama **mil'uu miliquu** jedhu kana kan barreessan lubbuun dhibu.
- Sababa Barreessaan hin jirreef karaa salpha ta'een ga'ee qooddattoota dhimma isaan dhabbatan wajjin dafanii hubaachuun rakkisa ture.

- Qooddattoonni asoosama **mil'uu miliquu** keessa jiran sababa baay'ee ta'aniif tokko tokkoon bal'inaan ibsuun yeroof jecha rakkisaa ta'e Mul'ata.
- Qoratan yeroo qorannoo geggeessuutti darbe darbee rakkoon baajata isaa mudachuu.
- Asoosama **mil'uu miliquu** irratti qabiyyee hunda utuu qabu qooddattoota fi mala qooddachiisu qofa irratti hojeechuun fi kan kana fakkaatan akka hanqinatti ilaalamu.

1.8 Malleewwan Qorannichaa

1.8.1 Akaakuu Qorannichaa

Qorannoon kun ga'ee qooddattoota asoosama mil'uu miliquu keessatti argamanii xiinxalee dhiyeessuu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo bu'uraa jalatti ramadama. Bifa /mala ittiin dhiyaatuun qorannoon kun ga'ee qooddattoota asoosama mil'uu miliquu kan gamtaan qabaniif dhuunfaa isaaniin qaban adda baasuun bifa ibsaan waan dhiyeessuuf qorannoo ibsitu jalatti ramadama.

mallii ittiin qorannoon qoratamee akkam ta'aan waan secca'eef /funaaneef qorannoon kun qorannoo Akkamtaa jalatti ramadama.

1.8.2 Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddii ragaalee qoratan qorannoo Kanaaf itti fayyadamee kitaabuma asoosama mil'uu miliquu jedhu qofa. Sababa barreessan lubbuun hinjirreef barreessaa dabalatan madda godhachuu hin dandeenye.

Innis kitaabicha dubbisuun qooddattoota achii keessa jiran hunda ga'ee isaanii waliin addaan baasuun akka inni fudhatama argatuuf immoo dabalatan barruulee garaagaraa ilaaluu yaaleera.

1.8.3 Maloota ittiin ragaalee funaanee

Qoratan qorannoo kana yoommuu adeemsiseetti maloanni itti ittiin madda ragaalee isaa irra ragaa funaanee sakatta'aa barruu waan ta'eef sanadaatti dhimma ba'eera.

1.8.4 Maloota ittiin iddatan fudhataman

Maloota ittiin iddata fudhatan mala iddatteessu miti caarraa fayyadamee jira. Qorannoo kana qoratan kun odeeffannoo qorannoo Kanaaf barbaachisuu yoommuu adeemsiiseetti mala ittiin iddata fudhatan mala iddatteessu miti carraa fayyadame. Sababni isaa kitaaba asoosama dheeraa mil'uu miliquu kallattiin waan fayyadameef. Kunis gosoota iddata miti carraa keessa immoo iddata akkaayyootti kan fayyadameedha.

1.8.5 Maloota ittiin ragaaleen secca'aman

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu maloota adda addaa fayyadamuun mirkaneessuu dandeenya. Kunis gaaffii qorannoon sun kaasuufi qorannoon sun deebisuufi qoratamee sanatu mala qorannicha nutti himuu danda'a. Malli qorannoon ittiin geggeeffamu immoo yookaan mala ragaan ittiin secca'aman mala hammamtaa, mala akkamtaa fi mala makaadha. Kanaafuu isaan keessa qorannoon kun **akkamtaatti** dhimma bahee jira.

Qorannoon akkamtaan qoratan akka Addunyaan, (2019:10) jedhu irratti “ Qorannoon akkamtaa, gaaffiiwwan ‘maaliif? Akkamitti? jedhaniif deebisuuf carraaqa.” jechuun ibsee jira.

Qoratan ragaalee maddoota adda addaarraa akkamtaa ibsan funaanee yaada akkamtaa ibsaan ragaalee argate sana waan secca'eef mala iddatteessuu akkamtaa jedhama.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2.1 Maalummaa Sakatta'a barruu walfakkii

Mataduree kana jalatti qorannoowwan kanaan namoota adda addaan qorannoo adeemsifaman kanneen qorannoo kana waliin walfakkaatantu ilaalama. Kana malees waraqaaleen eebbaa barattootaan yeroo adda addaatti tasifamantu keessa kanneen qorannoo kanaan tokkummaa fi garaagarummaa qabantu dhiyaata. Haala kanaan asoosama filatame kanarratti firiiwwaniifi dhimmoota kan biroo asoosamichaa ilaalchisuun hanga ammaatti adeemsifaman keessa muraasa isaanii akka itti aanuu kanatti dhiyaataniiru.

2.2 Yaadrimee Asoosama:

Asoosamni gosoota ogbarruu barreeffama keessa tokko ta'ee umuriin tajaajila kennuu isaa kan egalee kan walaloo fi diraamaa caalaa yeroon isaa gabaabaadha.

Asoosamni argaa yaadaa barreessan kalaqame, suuraa jireenya dhala namaa addunyaa dhugaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Yaada kana akka Fedhasaan (2019:93), irratti ibsutti " Asoosamni muudannoo fi mufannoo hawaasni tokko haala jiruufii jireenya keessatti muuxatu mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqame waraqaarraatti Mul'ata." jechuun ibsa. Asoosamni kamiyyuu haala ittiin ijaaramuufi wantoota irraa ijaaramuu kan mata isaa ni qaba. Wantootii kunneenis firiiwwan asoosama jedhamuun beekamu.

Firiiwwanii asoosama kanneen jedhaman: Qooddattoota, sabseenaa, yoomessa, ergaa, waldhabbi, kallattii seeneessufi jargochaa ni qaba. Walsimsiistoonni asoosama immoo ibsa dha'aa deddeebisaatiin kan mul'ataniidha. Faayidaan walsimsiistotas firiiwwan asoosama walsimsiisuudha. Firiiwwan asoosama kanneen qorannaaf haala mijeessuuf moggaasa garaagaraa haa qabaatan malee addaan baafamani hin mul'atan, walqabatu.

Qooddattoonni asoosama: qooddattoota gurguddoo kan biroo immoo qooddattoota garagartuu/ xixiqqoo bakka bu'iinsi isaan asoosamichaa keesati qaban kan yeroo gabaabaa ta'eedha. Yaada kana akka Fedhasaan, (2019), jedhutti Qooddattoota gurguddoo kan jedhaman kanneen seenaa asoosamaa keesatti ga'ee gurguddaa

qabaatanidha. Ijaarsa jargochaa keessatti daandii baay'ee qaxxaamuru danda'u. Yeroo gabaabaa yoo turanis seenaa hin dagatamnee raawwatanii darbuu. Wanti isaan godhaniis seenicha fuuldura deemsisuu keessatti bu'aa guddaa gumaachu jechuudha.

Qooddattoonni xixiqqoon: garuu seenaa fuuldura deemsisuu keessatti bu'aa isaan buusan xiqqoodha. Yeroo baay'ee altokko mul'atanii baduu. Takkaa mul'atanii baduun kunis amala isaanii isa bu'uuraati. Qooddattoonni kanneen tooftaawwan qooddachisuu jiran keessaa tokko yookaan lama qofa kan hirmaataniidha. Jalqaba seenaa asoosamichaa hanga xumura isaatti ga'ee fudhachuun kan hirmaatan osoo hin taanee bakkuma tokko lamaatti qofa mul'achuun ga'ee isaanii ba'uun deebi'ani kan badaniidha.

Walitti dhuufeenyi isaan qooddattoota gurguddoo waliin qabanis ga'ee fudhatan sana galmaan ga'uuf gumaacha godhu. Kana jechuun qooddattoonni xixiqqoo ga'ee xixiqqoo fudhachuun harka caaluun waa'ee qooddattoota gurguddoo odeessuu jechuudha. Qooddattoonni xixiqqoon seenaa asoosamichaa dabarsuu keessatti ga'een isaan qaban muraasa.

2.2.1 Tooftaawwan qooddattootaaf itti ga'e kennan

Barreessitoonni qooddattootaaf wayita ga'ee kennan haalli isaan itti ga'ee kana qoodaniif haala garaagaraan ta'uu kan danda'uudha. Garuu akka waligalaatti yeroo ibsamuu

as writers may present his character in two ways, directly by telling the reader the role of the characters and indirectly through action by which characters maybe known though the characters action is in escapable and indirectly through action by which his characters maybe known through the characters action in escapable and important the role of observation is equally crucial (Harry show, 1905:58).

Kaanaafuu barreessitoonni haala isaniif mijaatuun kaayyoo koo galmaan naf ga'a jedhanii kallattii yaadaniin qooddattoota isaaniif ga'ee kennuu danda'u yaada kana Harry show (1905:71), irratti yoo ibsuu“ writers uses or all of several basic means of characters of action character is revealed by (1) by action, (2),by speech, (3) by is thought, (4) by physical of experience, (5) by telling what others characters says think of them malawwan barreessitoonni qooddattootaaf barreeffamicha keessatti karaalee shanan (5)an ittiin ga'ee kennan armaan olii kun yeroo hedduu kan namoonni baay'een kanatti

fayyadamaniidha. Jedhamanii kan dhiyaataniidha. Kana alattis tooftaan dhuunfaan barreessitoonni qooddattoota isaaniif itti ga'ee qoodan jiraachuu mala.

Haala kanan qooddata tokko uumuuf dalagaa inni seenaa asoosama sana keessatti dalaguu fi ga'e Inni fudhate ka'e irratti hunda'a jechuudha.

Akka Fedhasaan (2013 :7), irratti ibsetti “yeroo qooddattootaaf ga'ee yeroo laannu karaa adda addaa akka rawwatu argina. Barreessan tokko qooddattootaaf karaalee armaan gadii ga'ee isaaniif kennuu danda'a. Isaanis : 1 Qaamaan 2 amalaan 3 hawaasummaan 4 xiinsammuun 5 waliin dubbii uumuuf ” akka yaada kanatti seenaa asoosama tokko keessatti qooddattoonni karaalee shanan ga'ee isaanii ba'uun akka danda'an kan ibsuudha. Ga'ee wwan kanneen akka ittii aanuutti haa ilaallu.

2.2.1.1 Qooddattoota dhaabbii qaamaan hirmaachisu

Barreessan tokko asoosama barreessa yoo ta'ee duraan dursee qooddattoota itti uummachuu qaba. Qooddattoonni kunis kanneen asoosamicha keessatti ga'ee dhuunfaa isaanii qabatani dhimmaa barbaadame galmaan ga'u. Kanaaf Barreessaan qooddattoota isaa dhaabbii qaama irratti hunda'uun yoommuu hirmaachisu baay'ee dheeraa ta'uu, baay'ee furdaa ta'uu, baay'ee gabaabaa ta'uu, baay'ee qallaa ta'uufi kan kana fakkaatan taasiisuun qooddattoota isaa hirmaachisaa. (Lataa Tasfaahun, 2003:11)

2.2.1.2 Qooddattoota amalaan hirmaachisuu

Barreessaan qooddattoota isaa amalaan hirmaachisu yoo barbaadee amaloota hawaasa keessatti beekamuun hirmaachisaa. Amala hawaasa keessatti hin beekamneen hirmaachisu hin danda'u Sababni isaas namni amala hin beekne tokkootti hiika kennuu hin danda'u.

Kanaafuu Barreessaan tokko amaloota hawaasa keessatti beekaman yeroo fayyadamu tokko gowwaa taasiisuun, tokko abshaala taasiisuun, tokko arjaa, tokko immoo doqnummaan, tokko baay'ee aarsuun, kani immoo baay'ee obsa qabaachisuun amalawwan wal faallaa ta'een ga'ee fudhatanii seenaa asoosama sana akka sochoosan yookaan galmaan ga'an godha.

2.2.1.3 Qooddattoota hawwaasummaan hirmaachisuu

Qooddattoota hawwaasummaan hirmaachiisu jechuun Barreessaan dhimma hawwaasummaa keessa jirufi hawaasa keessatti kan beekamuu gadi baasee kan ibsuudha. Kunis haalota hawaasa biratti fudhatama qabuufi hin qabne irratti hunda'a. Ogbarruun immoo karaa dhimma sana ittiin ibsaaniidha. Qooddattoonni asoosama keessa jiranis kan hawaasa sana keessa ba'aniifi kan Hawaasnii beekuu ta'uu qabu. Kana ilaalchisee Barreessaan maal gochuu akka qabu hayyuun, maxxanfame gunter (1975:10), yoo ibsu “ The writer emotional and sytylistic approach to the subject matter must be built to the idea. That you must know before you must talk to amy editor and before you start to write pitvirdly how you feel about the subject and how you want to the reader to feel ” qooddattoonni asoosama ija hawaasaan yoo ilaalamuu hawaasicha keessatti maaliin akka beekamu asoosamicha keessa argachuu dandeenya.

Fakkeenyaaf hammeenyaan beekamuu faallaa isaa immoo garraamummaan kan beekamu jiraachuu danda'a.

Tokko namoota waliin walitti fidee tokkummaa uumee jiraata yoo ta'e faallaan isaa immoo kan namoota gargardigee addaan baasuu jiraachuu mala. Odeeffannoo kana qooddattoota irraa akkasumas seenessa irraa dhaga'uun ni danda'ama.

2.2.1.4 Qooddattoota xiinsammuun hirmaachisuu

Haala xiinsammuun qooddattootaa asoosama keessatti hirmaachisuun baayinaan asoosamoota jaarraa 20ffaa keessa ba'an keessatti Mul'ata. Adeemsi kun qooddattoonni maal akka yaadan miirri akkam akka itti dhaga'amu kan agarsiisuudha. Adeemsa xiinsammuun hirmaachisu keessatti Barreessaan waa'ee qooddattoota kallattiin hin ibsu, yookaan hinseenessu. Yaadni qooddattoota akkamitti sammuu keessatti akka dhangala'uu ibsuu irraa kan hafee jechuudha.

Haala kanaan dhiyeessuun hedduminaan abjuu, machii, mirqaansaa, aarii, gammachuu, gaddaa fi kan kana fakkaatan qooddattoota irraa burquudhaan kan mul'atuudha.

2.2.1.5 Qooddattoota ofin dubbii

As keessatti dubbisan waan sammuu qooddattoota keessa jiru dafee saffisaan adda baafachuu hindanda'u. Haala isaaf xinsammuu qoodata sanarraa ka'uun ga'ee eenyummaa fi maalummaa isaa tilmaama jechuudha.

Walumaagalatti adeemsa qooddattoota uumuu keessatti Barreessaan namoota uumeef amala, sadarkaa, bifa qaamaa, safuu miiraa fi xinsammuu, ilaalcha qooddattoota kaaniif yookiin haalootaaf qaban, fi kan kana fakkaatan wajjin uuma.

Dandeettiin qooddattoota uumuufi gochoota raawwataman haala ga'umsa qabuufi milkaa'aa ta'een raawwachiisuu “ mala qooddachiisuu ” (characterization) jedhameetu beekama. Namoonni gochoota kana akka raawwataniif uumaman immoo qooddattoota (characters) jedhamu.

2.2.2 Akaakuuwwan Qooddattoota asoosama

Asoosama tokko keessatti qooddattoonni uumaman ergaa asoosamichaatif gumaacha qabu. Asoosama keessatti akaakuuwwan qooddattoota garaagaraatu mul'ata. Haala dhiyeenya ga'ee fudhatanii fi yeroo turtii yookaan jijjiirama asoosamichaa keessatti agarsiisan irratti hunda'uun qooddattoonni asoosama bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaaniis qooddattoota gurguddoo (major characters) fi qooddattoota xixiqqoo (minor characters) jedhamuun kan beekamiidha.

Yaada kana Halic and burnet (1975:45), Irratti waa'ee qooddataa guddaa kana yoo ibsaan “ major character is as person in a literary selection who is fully described as to be recognizable others standable and individual different from all others appearing in the same selection ” jechuun ibsu. Akka yaada kanatti qooddatan guddaan nama yaadarraa hojii asoosama guutummaa guutuutti mul'atu,fudhatama kan qabu kan ifaa fi ifatti dubbistootatti agarsiifameefi haala walfakkaatuun qooddattoota kanneen biro irraa adda kan ta'eedha.

2.2.2.1 Qooddattoota gurguddoo

Qooddatan kun akkamitti qooddattoota xixiqqoo kanneen biro irraa akkamitti adda ta'ee jedhamee dubbistootaan yoommuu geggeeffamu, Qooddatan kun amala adda addaa agarsiisu danda'a. Alaafi manni isaa qaamnii dubbii keessa bifti isaa kallattii hedduu adda

ta'ee kan mul'atuudha . Asoosamicha keesstti jalqabaa kaasee hanga xumuraatti kan qooda kan fudhatudha.

Karaan filataman qooddataa kan ittiin beekuu dandeenyuu fi haala amansiifamuu danda'uun ajaa'ibsiifamee dhiyaachuu fi dhiisuu isaatiiniidha.

Qooddataa guddaa kana bakka lamatti (2)tti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis : 1 Qooddataa goobangaleessa (qooddataa guddaa) fi qooddataa masaanuudha.

Qooddatan guddaan qooddattoota kan biroof annisaa ta'ee kan sochoosuudha. Kanaaf qooddattoota jiran keessaa isaa hangafaa fi bu'uura ta'eedha.

Qooddatan masaanuun immoo qooddataa guddaa asoosama ta'ee hojii faallaa goobangaleessa daalaguun kan mul'atudha. Harry shaw (1905:25) irratti waa'ee qooddataa akkanan yoo ibsuu “in literature such an adversary character is the principal opponent or foil of the main character and thus often galled, same times loosely and incorrectly the villain.

Asoosama keessatti goobangaleessi kaayyoo tokko ga'eerga godhatee fudhatee ka'ee galmaan ga'uuf yoo tattaafatu gufuu itti ta'uun shira xaxuun hojii faallaa hojjetee walitti bu'insi qooddattoota gidduutti akka uumame taasiise seenaan asoosamichaa fuula duraatti akka tarkaanfatu kan taasiisu qooddataa masaanuudha. (antagonist)dha. Zarihun Asfaw (1996:154) yoo ibsuu kitaaba keessatti yaada kana seenaan asoosama tokko yoo dhiyaatu dursa irratti seeniichi kan eenyuuti? gaaffii jedhuutu ka'a. Wanti dalagamuufi dubbatamu hundii kan fakkaattii asoosamicha keessatti qoodafudhatuuti. Galma ga'uu kan danda'u qooddataadhuma sananII. Gochii isaan raawwatan kun immoo yeroo fi bakka murta'ee ni qaba. Kunis yoomessa seenaa sana kan nutti agarsiisuudha.

Gama biraatiin waa'ee qooddataa yoo kaafnu walitti dhuufeenyafi walitti bu'insa isaan gidduu jiruu ni ibsaa. Haaluma kanaan firiiwwan asoosama hundi inni tokko isa kan biraaf ka'umsa ta'uun walhidhatanii kaayyoofi ergaa asoosama tokko galmaan ga'uu danda'u jechuudha.

2.2.2.2 Qooddattoota xixiqqoo

Qooddattoonni xixiqqoon garuu seenaa fuuldura deemsisuu keessatti bu'aan isaan buusan xiqqoodha. Yeroo baay'ee aluma tokko mul'atanii badu. Lafasaan ka'an malee Lafasaan ga'an arguun dirqama miti. Takkaa mul'atanii baduun kunis amalasaanii isa bu'uuraati.

Garuu seenaa qooddattoota gurguddoo gargaruun, bakka itti argamanitti hojjetanii darbuu. Kunis bakka isaanitti qofa bu'aa buusuun mul'atanii gargaraanii darbuu.

Firiiwwan asoosama kanneen armaan olitti tarreeffaman keessa qorannoon kun ga'ee qooddattoota irratti yoo ta'uu inni ga'ee qooddattoota asoosama dheeraa mil'uu miliquu jedhuu keessatti argaman maal akka ta'an xiinxaluufi secca'uu irrattii xiyyeeffata.

Walumaagalatti akaakuuwwan qooddattoota asoosama bakka gurguddoo lamatti haa qoodaman malee gochaafii amala agarsiisan irraayyi hunda'uun amala mata mataa isaani kan dhuunfaatti ni qabatuu. Kunis deggertoota goobangaleessaafi deggertoota masaanuu goobangaleessa jedhamuun bakka gurguddaa lamatti qoodama jechuudha.

2.2.3 Maalummaa Qooddattootaafi Qooddaachiisuu:

Qooddataan akkuma firiiwwan asoosama kanneen biroo hojii kalaqaa ogbarruu uumuu keessatti iddoo guddaa qaba. Seenaan asoosama tokkoos qooddataa malee galmaan gahuu hin danda'u. Namoonni ergaa asoosama tokkoo beekuuf kan isaan hordofan qooddattoota asoosama keessatti argaman irratti hunda'a. Dhugaa jiruu beekuuf immoo akkaataa Barreessaan asoosama keessatti qooddattootaaf gahee itti kenneetu murteessaadha.

Maalummaa qooddataa ilaalchisee Harry Shawaa(1905:7) akka jedhuutti « in literature character has several other specific meaning notable that of as person represented in as story novel play and etc yaada kanarraa wantii hubatamuu hojii ogbarruu keessatti bakka bu'ummaa namoota dhugaa addunyaa kana irraa fudhaachuun fakkaatanii gochuufi seenaa asoosamaani, diraamaa, taphoota adda addaa fi kan kanaa fakkaatan keessatti ga'ee olaanaa qabaachuun kan seenaa barruu dhiyaate sana galmaan ga'an qooddattoota ogbarruu kalaqamee sana keessatti qooda fudhatan ta'uu isaaniiti.

Qooddattoonni kun hojiiwwan ogbarruu kanneen akka raagoo, sheekkoo, Oduu durii, fi kanneen biroo keessatti nama ta'uu dhiisuu danda'u. Garuu yeroo baay'ee wantoota namni raawwaachuu danda'u raawwaachuun, dubbachuun qooda namoota fudhatanii dhiyaatu. Gama biraatiin immoo haallii qooddattoonni kun hojii asoosama keessatti kallattii garaagaraattiin itti fayyadamuu hirmaachisuun uumuun qooddachisaa / characterization jedhamu.

Kana malees qooddachisaa yaadrimee jedhamuuf qeeqtootni fi barreessitoonni garaagaraa kallattii hedduun hiika itti kennaniiru. Hiikni kunis: kan itti kennamee kallattii ogummaafi hubannoo namoota yaada kennaaniin Haata'u malee yaadni waligalaa yookaan yaadrimeen hiika isaanii walbira hinfagaatu kanneen keessa.

Sababni isaas qooddachisaa haala dhiyeessuu yaadaafi amala namoota hojii ogbarruu keessatti kalaqaa sammuutiin uumamaanii qofatti waanta daangeessuufiidha. Kana ilaalchisee dhimmi jiru garuu eenyummaa namummaa qooddattoota illee qooddachiisu jalatti hammatamuu isaatii. Kanaafuu asoosama keessatti qooddatan yoo hirmaatuu xiinsammuun, bifaan, feedhii fi ilaalcha ta'uu qaba.

Kanarraa ka'uun qooddataa uumuun ogbarruu gaarii dhiyeessuu fi gumaacha olaanaa waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaan itti kennamu kan qabuudha.

Qooddachiisni wiirtuu hojii ogbarruuti. Kana jechuun qooddattoota asoosama tokko keessatti dhiyaatan haala gaariin kan hin qooddachiifamne seenaa fi ergaa asoosama sana waliin kan hin deemne yookaan kan wal hin simne yoo ta'e miidhagina gonfatani haala dubbisan hubachuu danda'uun kan hin hirmaachifne fi ga'een is aan qaban haalli dhiyeenya (style) isaanii kaayyoofi galmii isaanii kan hin beekamne yoo ta'ee ogbarruun dhiyaate sun hanquu ta'aa. Dubbistoota biraattis fudhatama dhaba jechuudha.

Akka waligalaatti qooddachifni haala Barreessaan itti amala, bifa fi eenyummaa qooddattoota keessatti dhiyeessuu waan ta'eef dhugaa qabeessummaafi argaa yaadaan kan hin jijjiiramne fi kan jijjiiraman ta'uun qooddataan adda ba'ee mul'achuu qaba. Sababni isaas hojiin aartii miidhagina bifiiyyeefi qabiyyee akkasumas ergaa bu'uureffatee waan dhiyaatuuf gaa 'eessummaafi bilchina qooddataa asoosama keessatti Barreessaan uumeen akka ta'eetu hubatama jechuudha.

Kanaafuu adeemsi qooddataa bifa garaagaraan hirmaachisuun kun kan inni of keessatti hammatu :

*Nama ga'e itti kenname sana galmaan ga'aa jennee hawwasa keessa yaadaan barbaaduun uumuu.

- Nama sanaaf ga'e kennuufii barbaanne waliin madaalu.
- Utuu ga'e hin kenniniif dura afaan, amala gochaa, umurii, saala qooddataa uumnee sana adda baasuu.
- Ga'ee fudhatamee hawaasa keessatti beekamuufi raawwatamuu danda'uun agarsiisuu danda'uu.
- Haala kana duraan dursinee qooddataaf ga'e laachuutti osoo hin darbin, ga'e sana ba'uuf qooddatan sun qaaman amalaa, hawwasumman xiinsammuun waliin dubbiin maal ta'uu akka qabu erga addaan baafanne booda gara akka ga'e ga'ee isaanitti hirmaachisuutti dhufna jechuudha.

2.2.4 Sakatta'aa Barruu walfakkii

mata duree kun qoratan qorannoowwan kana dura namoota biroon adeemsifaman wal in tokkummaa fi garaagarummaa isaan qorannoo kana wal in qaban bakka itti heerruudha. Haaluma kanan qorannoowwan kanan dura namoota adda addaan taasifaman keessa kan qorannoo kana wal in fakkaatan ilaallaa.

Lataa Tasfaahun Margaa (2003) xiinxala qooddachisa qooddattoota asoosama "Imaanaa imaltuu "

Lataan qorannoo isaa mata duree xiinxala qooddachisa asoosama Imaanaa imaltuu jedhuu irratti yeroo adeemsiise qorannoo isaa boqonnaa afuritti qoodduun kan dhiyeesse yoo ta'u, boqonnaa tokko keessatti seensa duubee ka'umsa, kaayyoo, faayidaa / barbaachisummaa, daangaa, hanqina, malawwan qorannoo; madda ragaalee mala ittiin ragaalee secca'ee dhiyeesseera .

Boqonnaa lammataa keessatti immoo, sakatta'aa barruu walfakkiin jechuun dhiyeesseera. Kana malees boqonnaa sadaffaa keessatti xiinxala qooddachisaa qooddattoota asoosama

imaanaa imaltuu jedhu secca'uun akaakuu qooddattoota asoosamichaa, qooddataa goobangaleessa, qooddataa xixiqqoo, haala qooddachisa qooddattoota ga'een qooddattoota asoosamichaa qooddachisa Haadhummaa /Dubartummaa, qooddachisa daa'imummaa, qooddachisa jaalalaa Dargaggeeyyii / Jaalalleewwanii dhiyeesseera. Boqonnaa 4ffaa keessatti cuunfaa fi yaada asoosamicha cuunfee ibse jira.

Haaluma kanan qoratan kun immoo boqonnaa tokkooffaa keessatti seensa /seenduubee qorannichaa, ka'umsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa, kaayyoo gooroo fi gooree, hanqina, malawwan qorannichaa, akaakuu qorannichaa, madda ragaalee, mala ittin ragaalee funaanee mala ittiin iddataa fudhatee fi mala ittiin ragaalee isaa secca'ee ibseera.

Boqonnaa lammaffaa keessatti sakatta'aa barruu; yaadrimee fi walfakkii adeemsiisuun yaadrimee asoosama, gosoota asoosama, firiiwwan asoosama, yaadrimee qooddattoota, gosoota qooddattoota haala itti qooddattootaaf itti ga'ee kennan ibsuun dhiyeesseera.

Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo xiinxala ga'ee qooddattoota fi mala Qooddaachiisuu asoosama dheeraa mil'uu miliquu jedhuu yoommuu geggeessuutti maalummaa maqaa asoosamichaa seenaa gabaabaa barreessicha kitaabaa asoosamichaa Guutaa Rabbirraa Baqqaanaa (MA) jedhu erga heeree akaakuu qooddattoota asoosamichaa keessa jiraniifi xiinxala eenyummaa keessoo fi alaa qooddattoota asoosama dheeraa mil'uu miliquu jechuun mala sakatta'aan dubbisuutti dhimma ba'uun qooddattoota goobangaleessa, Masaanuu, gargaartu /xixiqqoo kanneenii tokko tokkoon heeruun ga'ee isaan asoosamichaa keessatti qabaniifi eenyummaa dhunfaa keessoo fi alaa kan tokko tokkoo isanii waliin dhiyeesseera.

Boqonnaa 4ffaa keessatti cuunfaa yaada argannoo, yaada fi wabii heeruun dhiyeesseera.

Kanaaf tokkummaa fi garaagarummaa qorannoowwan kana lamaanii too ilaallee: Tokkummaan isaan waliin qaban qorannoowwan kun lamanuu boqonnaa 4,4in qoodamanii dhiyaataniiru. Qorannoowwan kun lamanuu gosoota ogbarruu barreeffama keessa qooddattoota irratti qorannoo godhaniiru. Akaakuu qooddattoota asoosama lameen keessa jiran haala walfakkaatan sakatta'aanii baasuun qooddattoota goobangaleessa, masaanuu, qooddattoota kanneen ga'ee haadhummaa /dubartummaa,

jaalala dargaggeeyyii Jaalalleewwanii abbummaa sakatta'uu irratti lamanuu kan walfakkaatan yoommuu ta'an

Garaagarummaan isaan waliin qaban immoo akka itti aanutti dhiyaataniiru. Qorannoo Lataa adeemsiise keessatti lataan boqonnaa tokko keessatti sababa qorannichaa jechuun kan kaa'e yoo ta'u qorannoo kun immoo malawwan qorannichaa jechuun kaa'eera. Akkasumas garaagarummaan qabiyyee qaranoowwan kana lamaan (2)n gidduutti argamuu Lataan qorannoo kana qooddataaf ga'ee isaaniif kennamee qofa irratti xiyyeeffate. Qorannoon kun garuu qooddattootaafi mala Qooddaachiisuu sababa ta'eef waa'ee barreessaan yoo barreessee eenyummaa qooddattootaaf kan keessoo alaa qorannoon kun ni ilaalaa.

BOQONNAA SADI (3) XIINXALA RAGAALEE

3.1 Hiika maqaa asoosama dheeraa "mil'uu miliquu"

Kitaabni asoosama dheeraa "mil'uu miliquu" jedhu kun fuula dhiba tokkoo fi Sodoomii sagali (139) kan qabu yoo ta'u bara 2013 Finfinnee Oromiyaatti kan maxxanfameedha. Barreessaan kitaaba asoosama dheeraa " mil'uu miliquu "jedhu kanaa kan barreesse **Guutaa Rabbirraa Baqqaanaa (MA)** kan jedhamu yoo ta'u, Guutaa Rabbirraa nama quuqama Oromummaa qabuufi sababa Kanaaf kitaabota quuqama yookaan midhama Oromoo ibsan keessattu rakkoo baratoota Oromoo irraa gahee kan barreessedha. Akkasumas kitaaboota kan biraa barreessuun uummata Oromoo gumaachee jira. Kitaabni asoosama dheeraa **mil'uu miliquu** jedhuu kunis dhimma rakkina sababa siyaasaatiif baratoota Oromoo irraa gahaa ture kan seeneessuudha. Hiikni yookaan maalummaan maqaa asoosama dheeraa **Mil'uu miliquu** asoosamichaa keessatti qooddatan guddaan yookaan goobangaleessi haala sirna bara sana jiruun lubbuu isaaf rakkisa waan tureef bakka bakkatti millaachaa miliqaa jiraachaa darbuun maqaa asoosamichaa " **mil'uu miliquu**" jedheera.


Yeroo dabarse hunda sababa sirnichi isaa rakkisuuf nama dhokataa, kan mirga guutuu kan hin qabne ; yeroo hundumaa birraacha kan jiraate, yoo argame qabamuuf kan barbaadamuu yoo ta'u kun immoo akka inni miliqaa jiraatuu godhee jira.

3.2 Seenaa Asoosama dheeraa Mil'uu miliquu gabaabinaan

Seenaa asoosama dheeraa **mil'uu miliquu** gabaabinaan yoo ka'u asoosamni dheeraa mil'uu miliquu kan seenessu seenaa sirna mootummaa abbaa irree TPLF fi sirna mootummoota Kaabaa Itoophiyaa irraa ka'uun bulchaa turan, dhibbaa isaan uummata Oromoo irraan gahaa turan kan seenessuudha. Gotoonni Oromoo eenyummaa saba Oromoo ija addunyaa duratti beeksisuuf aarsaa isaan kaffalan hunda dhaloota har'aan yookaan jaarraa 21ffaan kan dagatamuu miti.

Bara baroonni mootota abbaa irree ofirraa ittisuuf uummanni Oromoo itti dhume akka seenaattis kan seeneesseedha. Kana malees seenaa qofa osoo hintaane, rakkoon isaan uumaa turan har'a illee hayyootaafi baratoota Oromoo irratti mata cabsii (boowuu mata) ta'ee akka jiruu kan namatti mul'isuudha.

Asoosamni dheeraa **mil'uu miliquu** kun irraa caalaa kan seeneessu, bara sirna nama nyaataa bulchiinsa TPLF yoo ta'u, keessattuu midhama baratoonni Oromoo sirna mootummaa TPLF midhaman kaayyoon egeree isaanii dukkanaa'a akka ta'uuf itti



yaadamee karoorfame sirna kanaan daba fi shirrii xaxamaa turee haala amma muraasa ta'een kan ibsuudha.

Baratoonni Oromoo sababa sirna kanaaf midhama isaan midhamaa turan keessaa muraasni: Yakkaa malee hidhamuu, kan immoo ajjeefamuu, warreen lubbuun ooluuf yaalaan biyya ambaatti baqachaa, kan biyya ba'uuf carraa dhaban biyya keessatti asiifi achii miliqaa, kan immoo badduu baasa du'uun

Fakkii: 1 fuulaa kitaaba asoosama mil'uu miliquu

godaannisa eelaa ta'a akka turaafi ammas akkasitti jiraachuu isaanii kan seeneessuufi taatee har'as dhaloonni hubachuu akka qabu kan xiiqii namattii horuudha.

Itti dabalataan calaqqee seenaafi eelaa dhugaa bilisummaa dhabuun barattoota Oromoo fi Oromiyaa irratti geessisa tureef rakkoo hawaasummaa, dinagdee, aadaa, seenaa, siyaasaa fi kanneen biroo seeneessuuf yaaleera.

Asoosama kana keessatti Qoodata guddaan **Jaawwaraanis** sababa sirna TPLF in yakka tokko malee barnoota isaa kutaa kudha tokkoffaa (11ffaa) irraa hiriyaa isaa Tokkummaa wajjin hidhameera. Kanaanis barnoota isaa dhabeera. Mana hidhaatii ba'uun utuu bakka bakkatti miliqaa jiraatu hiriyaa isaa Tokkummaa du'aan dhabeera.

Hiriyaa isaa kan ajjeeses namicha Kaabaa, sirna naafxanyoota deggeru mammiree zamanuu Jedhamuun ajjeefame.

Akkasumas **Jaawwaraan** jaalalaa ijoolummaa (jalqabaa) irraa jaalallee isaa kuluulee wajjin sababa poolisoota miliquun bakka bakkatti miliqaa jiraatuuf gargar ba'eera. Kana malees galmi kaayyoo barnoota isaa karaattii jalaa hafee jira.

Walumaagalatti seenaan asoosama dheeraa mil'uu miliquu dhimma barattoonni Oromoofi Hayyoonni Oromoo akkasumas dhimma uummanni Oromoo biyya isaa irratti miidhamanii jiruufi jireenya isaanif rakkachaa jiraachuu kan seeneessuudha.

3.3 Yaadrimee Qoodattootaafi Qoodaachiisuu Asoosama

Qoodaachiisuu jechuun adeemsa barreessaan asoosamaa tokko qoodattoota ittiin uumuufi gahee kenneefii hojjechiisuudha. Kanaafuu, qoodattoonni namoota arga yaadaa barreessaatiin uumamanii asoosama keessatti hirmaachifamanidha. Gochoonni asoosama namoota kanaan hojiitti hiikamu. Adeemsa qoodattoota uumuu keessatti barreessaan namoota uumeef amala, sadarkaa, bifa qaamaa, safuu, miiraafi xiinsammuu, ilaalcha qoodattoota kaaniif yookiin haalotaaf qaban kan kana fakkaatan wajjin uumaa.

3.4 Akaakuu Qoodattoota Asoosamaa mil'uu miliquu

Asoosama keessatti akaakuuwwan qoodattootaa garaagaraatu mul'ata. Isaan kunis akka hojii yookaan gahee isaaniif kennameetti qooda isaaniif kennameef fudhatanii hojeechuuf hirmaatuu.

Asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti, qoodattoonni seenaa asoosamichaa akka galma gahuuf, qooda fudhaatanii kan hirmatan, namoota afurtama (40)ol ta'utu

keessatti hirmaate, seenaa asoosamichaatif qooda fudhatanii raawwatanii jiru. Isaan keessaa akka garee isaanitti isaan gurguddoo keessaa fudhachuun ilaalla. Kunis: akka gareetti yeroo qoodnu: Goobangaleessa asoosamichaa keessatti namni seenaa jalaqaba hanga dhumaatti qooda fudhatee kan hojjete **Jaawwaraa Caattoo** jedhama.

Gargartoonni asoosamicha keessatti goobangaleessa gargaruun seenaa asoosamichaa keessatti gahee kan qaban isaan gurguddoo muraasa isaanii ilaalla.

Isaanis: Hiriya Jaawwaraa, kan isaa gargaaraniifi jaalallee Jaawwaraadha. Abbaa Jaawwaraa Caattoo, Tokkummaa, kifilee, Abbaa Margaa, Haadha Margaa, Jaagamaa fi jaalallee Jaawwaraa kan taate **Kuluuleedha**.

Kanneen asoosamicha keessatti masaanuu ta'uun hirmatan immoo Poolisoota sirna yeroosiif hojjetan, Mammiree Zamanuu fi Jaldeessoota Kaabaa dha.

Isaanis: garee sadiin tokko tokkoon ilaalu dandeenya. Goobangaleessa asoosamichaa, qooddattoota masaanuu asoosamichaafi qooddattoota gargaartu asoosamichaa jechuun qoodnee xinxalla.

3.4.1 Xinxala Qooddataa Goobangaleessa Asoosama mil'uu miliquu

Asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti goobangaleessa ta'uun seenaa jalqabaa hanga dhumaatti utuubaa asoosamichaa ta'uun kan sochoosee rawwate mucaa dhiiraa dargaggeessa **Jaawwaraa Caattoo** jedhama.

Akkuma armaan oliitti kaasuuf yaalle, goobangaleessi asoosama kanaa Jaawwaraan seenaa asoosama kana keessatti, waa'een isaa, jalaqaba amma (hanga) dhumaatti yoo ilaalle dubbiinis ta'e, gochaan, akkasumas namni biroon waa'ee isaa kaasuun amma dhumaatti hirmachiifame jira.

Qooddattoonni biroon kan isa tumsuun deggeraa turaanifi hawwiin isaanii galma ga'umsa isaaf karaa ta'u kan barbaadan, kan jaallatani duuka isaa turaaniiru. Akkasumas faallaa goobangaleessa Yookaan Jaawwaraa deemuun akka inni galma hingenyetti guufu ta'uun amma danda'anitti karaa itti cufaa turaanii jiru.

3.4.2 Xinxala Qooddattoota Masaanuu Asoosamichaa

Qooddattoonni masaanuu seenaa asoosama keessatti waldiddaafi walfalmii yookaan walmormii humnoota lamaati. Kunis goobangaleessa, deggertoota goobangaleessaa fi masaanuu, deggertoota masaanuu dabalatee mormii gidduu jiru kan ibsuudha. Haata'u malee humnoota lamaan (2)n beekamoo ta'aan, goobangaleessaafi masaanuu gidduutti walmormii jiru ibsuudha.

Goobangaleessa gufachiisuuf deemuun kanneen waldiddaa finiinsiisaan masaanuu jedhamuun beekamu. Gaheen masaanoonni fudhatan inni guddaan amalli isaan ittiin qooda fudhatan waa'ee goobangaleessaa gufachiisuufi amala nageenya goobangaleessaa sarbuu, kan ibsuu shira xaxuu, yeroo danda'an dhaanuu. waa'ee goobangaleessaa hammeessuu(xureessuu)fi kaayyoo isaa karaatti hanbisuudha.

Waan goobangaleessi karoorfatu hunda karaatti hambisuun akka inni bakkaan hinga'anne fi hinmilkoofne gochuudha.

Haaluma kanaan qooddattoonni masaanuu asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti argaman isaan ijoofi gurguddoon: qooddattoota masaanuu Poolisoota sirna yerichaa rawwachiisaan, Mammiree Zamanuu fi akka namatti qooda masaantummaa kan qaban jaldeessa Kaabaa kan boqqolloo corqaa fixan.

Isaan kana akka armaan gadiitti tokko tokkoon xinxalla.

3.4.2.1 Xinxala qooddattoota masaanuu poolisoota sirna yerichaa

Qooddattoonni poolisoota kun asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti sirna yeroo bulchiinsa bara TPLF ta'uun faallaa kaayyoo barattoota Oromoo ta'uun akka waligalaatti kan hirmaatan yoo ta'u, faallaa goobangaleessa asoosama kanaa Jaawwaraa ta'anii qooda kan fudhatanidha.

Kaayyoon isaan yeroo sana qaban ilaalcha mootummaa biyya bulchuu tarkaanfachiisuu malee dhugaan dhalaa nama maali jedhani kan yaadan miti. Kanaafuu yeroo sana poolisoota biratti yakkii yakkaa caaluu sirna yeroo sana mormani argamuu waanti caaluu hin jiru. garuu namni barataa Oromoo ta'eefi dargaggeessa Oromoo ta'ee waanuma sababa barattoota Oromoo fi dargaggoota Oromoo ta'aanifi qabamani hidhamu turan.

ta'eef poolisootaan, yakkaa tokko malee reebamee mana hidhaa galuu isaati. Ergasiis mana hidhaatii bahee miliqaa akka jiraatuufi godaannisa kaayyoon isaa ganamaan cabe Barattoonni Oromoo garuu sirna yeroo sanaaf akka waligalaatti mormii qaban bakka garaagaraatti yeroo mul'isan ture. **Jaawwaraanis** barattoota Oromoo bara sana keessatti barataan keessa isaa tokko ture. Kanaafuu kaayyoon barnoota Jaawwaraa karaatti akka hafuuf kan angafaa kan qaban, poolisoota sirna bulchiinsa yeroo sanaaf hojjetan ture.

Jaawwaraan sababa inni barnoota dhiisee akka jaawwaruu karaattii akka hafuu ta'eera.

Haaluma walfakkaatuun Barreessaan asoosamichaa, waa'ee qooddattoota masaanuu poolisoota kanaa yoo ibsu

gurraacha akka laangisoo namatti maramu dugdarra na buuse" ...Jaawwaraan yeroo tokkummaan hiriyaan isaa rebamu argee maloo obboleessa kiyya ana jala duraa hi najjeessin jedhe. Tokkummaa dhiiseeti, natti garagalee dafii jilbeeffadhu jedhe shiingaa e. Fuula (45)

Yaada kanarra kan hubatamu, Jaawwaraafi Tokkummaan hiriyyoota akka obboleessatti waliin jiraatanifii barnoota waliin baratanifi jiruufi jireenya isaani addunyaa barnoota keessatti argamu waallaansoo qaba jiraatu turan.

Tokkummaan qooddataa gargaraa goobangaleessaadha. Poolisoonni kun ammoo masaanuu goobangaleessaadha. Kaayyoon isaanii seera sirna yeroo sana raawwachuu malee dhugaan maali kan jedhu kaayyoo isaanii miti. Yaaduma kana Barreessaan asoosamicha yoo ibsu

“...maloo maalin si godhee? Obboleessakoo adaraa na hindhaaniin, an nama seeraa eegee daandii irra deemaa jirudha. Hinhanne, hinbutne, maal goonaan dugda na Kutta?.....isaan garuu Tambarkak sinjecha jirram.... ” fuula (41-42)

Kanaafuu yaada kanarraa dabalatan kun hubannuu poolisoonni kun sirnaaf jecha, dhugaa goobangaleessa kana kan hubatan miti. As keessatti seeraa uumaa uumama eegani bilisummaa ofiin jiraachuun akka yakkaatti fudhatamu isaafi sababa Kanaaf reebamuun fi du'uun akka jiru barreessichi hubachiisa. Yaaduma kana yeroo ka'uu.

“...Poolisoonni kunis: gochaan reebicha isaan raawwatan kun baroota jireenyaaf mootummootaa isaan dura turan keessas waan tureef yeroo ammaa kanaatti nama namaatti fi mootota irraa moototaatii tarkaanfatee waan dhufeef gochaan dhaanichaa kun amala itti ta'ee.....” fuula (50)

Seenaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti seeneffame kun dhugaa hinhaalaamneefi uummata Oromoo keessatti godaannisa seenaa hinhirraffaatanne ta'e kun sirnoota darban kan dhufan akka amalatti ittiin beekaman ta'u mul'isa.

Waldhabbii kanarratti kan hubannuu miidhamnifi akka dinatti ilaalamuun goobangaleessaa asoosama kana keessatti mul'ate gochaa mootummoonni Itoophiyaa bulchaan darbaa dabarsaan uummata Oromoo irratti raawwata dhufan kan sirriitti seeneedha.

Walumaagalatti masaanuun asoosama dheeraa mil'uu miliquu kutaa (mataduree kana jalattii) keessatti argaman poolisoonni kun sirna yookaan seeraa mootummaa yeroo sanaaf waan hojjeetaniif akkuma mootummaan yeroo sana faallaa barattoota Oromoo ta'e , poolisoonni kunis barataa Jaawwaraaf faallaa yookaan masaanuu ta'uun qooda fudhachuun hirmaatan. Kun immoo gara addunyaa dhugaatti fidne yoo ilaalle dhugaa namni ofii isaa irratti beeku waan ta'eef fudhatamummaan isaa guddaa ta'ee natti mul'ate jira.

3.4.2.2 Xinxala qooddataa masaanuu mammiree zamanuu

Asoosamicha keessattii Mammiree Zamanuu qooddataa nama dhunfaadha. Garuu ilaalcha sirnoota mootummoota Kaabaa Itoophiyaa qabachuun masaanuu goobangaleessaa ta'uun hirmaate jira.

Mammireen Zamanuu yookaan qooddataan kunis akkuma poolisoota duraanii, akka waligalaatti faallaa barattoota Oromoo ta'uun, ilaalcha nafxanyaa yookaan sirnaa mootummoota Kaabaa Itoophiyaa callaqisiisaan barattootaa kanarratti raawwachuun qooda fudhate jira.

Haaluma kanaan Barreessaan asoosamichaa mammiraa Zamanuu yeroo ilaalcha isaa ibsu

“...akkamii isin kiristaana mitii? Jedhe. Lakkisaa...nuyi Oromoodha jennee..Ihii.....ihiii... kiristaanaa moo Muslimaa isiin jechuukooti malee gosa keessan hingaafanne jedhe... joonjoftuun kun...gosaafi saba adda baaftee hinbeektne jedhe... (fuula 89)

Haaluma walfakkaatuun yeroo ilaalcha sirna mootummoota Kaabaa Itoophiyaa ibsuufi barattoota kana faallessu yeroo dubbatu

....Lekkaa...ijoolleen kun dubbii barattoota bara Atse Haayilee Sillaasee natti fidde lafa keenya dabarsitee garbootaaf kennuuf deemaa jirtuudhaa laata..jedhe... fuula (90)

Akkuma barreessaan asoosamichaa ibsutti mammiree zamanuun dubbiin inni dubbaate faallaa ilaalcha goobangaleessaa kana ta’uu isa nama hubachisa. Kanaafuu barattoonni kun yeroo nuyi Faranjii, habashaas miti jechuun isaanii Faranjii yookaan Habashaa miti tanaan maalummaan isaani akka bineensa itti fakkaateera. Kanaafuu mammiree Zamanuu shiraan isaan ajjeesuuf haala mijeeffate.

Barreessaan asoosamichaa gamnummaa yookaan shira xaxuu isaa yeroo ibsuu, *“...Waaqa addaataa roobuuf nama kolfaa nama miidhuu hin beekatanii..... ”* fuula (95) jechuun ibsee.

Gara jabinni mammiree Zamanuu kolfaa nama nyaachuu taate. Mammireen Jaawwaraafi Tokkummaan akka du'aaniif, nyaata summiin akka qophaa'uuf gochuun du'aaf isaan qopheesse jira. Sababa kanaas hiriyyaan Jaawwaraa Tokkummaan du'uu danda'eera. Barreessaan yaada kanaa yeroo ibsuu.

*“...si'a lama sadii erga afaan kaa'ate, harki Tokkummaa buddeena cabsachuufi as diriiree osooma hin dacha'iin gabatee nyaata dhahee lafaatti dabaleeti ofiin lafaatti diriiree... ”*fuula (97)

Goobangaleessi kun yookaan Jaawwaraan sababa hiriyyaan isaa Tokkummaan du'eef yeroo inni boo'e gadooduu mammireen Zamanuu baay'ee itti kolfee takkaa ammoo

“...Eree minnoo..... hiniyyiiniii..... mucaan fayyaada. Besma'aab, wolde, menfes qiddus.....maal ta'ee qe'ee rabbashaa? Jedhe...” fuula (97)

Haaluma armaan oliitti yaada kanarraa hubatamuun mammireen masaanummaan isaa keessa bahee du'a namatti illee nama qoosuufi garajabeessa akka bineensa ta'uu isaa agarsiisa.

Mammiree Zamanuun dhalataa Kaaba itoophiyaadha. Seenaa dhugaa keessatti immoo dhalattoonni Kaaba Itoophiyaa barattoota oromoofi uummata Oromoof yaada garii qabatani hinbeekan. Seenaa keessatti irra deddeebi'ee Oromoo miidhuuf hojjeechuu fi miidhaan isaan hojjeetan ammoo godaannisa hin fayyinee ta'ee seenaa irratti galma'ee jira.

Asoosamni dheeraan mil'uu miliquu seenaa kanaa yeroo seeneessu dhugummaan isaa godaannisa uummataa keenya keessa jiru seenessa. Kanaafuu fudhatamummaan isaa dhugaa addunyaa uummataa tokko waan ta'eef kun gaaffii namatti ta'ee hin ilaalamu.

Walumaagalatti kutaa kanaa jalatti masaanuun kun goobangaleessa (Jaawwaraa) kanarratti gochii goobangaleessa kana gufachiisuuf raawwatame, akka qabiyyee asoosama tokkootti kan sirriitti qooddataan kun gahee sirridhumaatti bahaate jira. Kanaafuu Jaawwaraan hiriyyaa isaa dhabee jira.

Kanaafuu asoosamni kun walduhabii kana bifa qalbii nama harkisuu danda'uun qooda sirrii ta'een dhimma itti bahee jira.

3.4.2.3 Xinxala qooddattoota masaanuu jaldeessa Kaabaa

Kutaa kana keessatti barreessaan asoosamichaa dubbii qolaa baay'ee fayyadamee jira. Qooddattoonni jaldeessa kaabaa jedhaman kun faallaa goobangaleessaa waan ta'aaniif qooddattoota masaanuu keessatti ga'ee fudhachuu danda'anii jiru. Barreessaan kutaa kanatti gochaa namoonni kaabaa ol adeemoo Oromoo irratti raawwatan akkas jechuun bakka busee itti fayyadamee jira “...***Jaldeessa Kaabaa miidhaan corqaatti kolaasee fixe.....***” fuula (59) jechuun Qooddachiisuun dhimma itti bahee jira. Asoosama keessatti Barreessaan tokko walduhabii gosoota baay'een namni akka Waldhabuu danda'uu dhugaa addunyaa irraa jiru bu'uura godhachuun, namni uumaman wajjin, uumaa wajjiniin, hawaasummaa wajjiin nama wajjin... fi kan biroo waliin walduhabii uumuu yookaan qabachuu danda'a namni.

Garuu kutaa kana jalattii barreessaan gochaa dhala bineensaan bakka buusuun gooddachiisee jira. Haaluma kanaan bineensa jaldeessa jedhamu kana akkamiin qooda nama keenneef kan jedhuu yoo ilaalle. Akka armaan gaditti ka'ee jira. “---**Hoomaa jaldeessa Kaabaa boqqolloo corqaatti fixu---**” fuula (59) seeneffama kana keessatti yeroo ilaallu, “**jaldeessa Kaabaa**” jechuun barreessaan kallattii Kaabaa itti keennee jira. Inni biraan immoo barreessichi yeroo bakka jaldeessa Kanaaf qooda kenne “---**lafa jaldeessi kun itti dhalattee guddatte lafa dhagaa ---**” fuula(59) jechuun bakka jireenya isaafi achii dhufuuf achitti akka deddeebi'ee ka'ee jira. Akkasumas “**corqaa kolaasa**” jechuun hojii inni biyya abbaa isaa Oromiyaa irrattii raawwatu keenneef jira.

Haaluma kanaan yeroo ilaallu jaldeessonni kaabaa kun sirna namoota kaabaa Itoophiyaa irraa gara Oromiyaa dhufuun guddachuufi bilchina ol adeema Oromoo balleessuuf hojjechaa akka turan seenessa .

Haaluma kanaan “**...miidhaan corqaa...**” jecha jedhuu kana yoo ilaalle. Seenaan kun seenaa barattoota Oromoo kan yeroo garaagaraatti umrii barattoota oromo mana barnoota keessatti kolaafamani seenessa.

Fakkeenya dabalataan yoo ilaalle barreessaan

garuu inni kan lafichuma warqee kanarratti jaldeessa kaabaa miidhaan corqaatti kolaasee fixe Abbaan koo osoo arii'uu... jaldeessi waan itti dhalattee fi itti guddattee jireenya lafa dhagaa.... dhagaa irraa dhagaatti dabartu inni immoo jaldeessuma kana laga ceesisee galchuuf galgalaa ganama mudhii hidhate. ”fuula (59)

Kanaafuu yaada kanarraa kan hubatamu masaanummaan namoota Kaabaa Itoophiyaa wajjin jiraachuu mul'isa. Garuu Abbaan Jaawwaraa jaldeessa kana biyya isaatti galchuuf mudhii hidhatee jira. Barreessaan yaaduma kana yeroo seenessu

“...Humna jaldeessa faccisuufi humna nama fira ta'ee fira hinbeekne barsiisu barbaacha hanga har'aa jooree Jaawwaraa jira. Baddaafi gammoojjii lafa alagaa keessa....

Guyyaa tokko akka dhufe galus abdi guddaan qaba. Waaqas nan kadhadaaf..”
fuuluma (59)

yaada armaan olii kana yoo ilaallu waa'ee bineensa jaldeessa isaa adduunyaa dhugaa irraa jiru kan dubbatuu miti. Malleen dubbii keessa bakkasaa fayyadamuun haala gariin dhimma itti bahe malee.

Walumaagalatti barreessaan asoosamaa dheeraa mil'uu miliquu kana bineensa jaldeessa jedhamuuf qooda nama kennuun qooddachiisee jira. Jaldeessoonni kunis faallaa goobangaleessa ta'uun hiramachiifame jira.

Gara addunyaa dhugaatti finnee yoo yeroo ilaallu, uummanni oromoofi namoonni kaabaa Itoophiyaa godaannisa seenaa waldhabdee kan yeroo dheeraa gidduu walitti qabu.

Har'aas wal gaarreffannaan jiru akka itti fufteetti jira. Kanaafuu barreessaan asoosama dheeraa mil'uu miliquu...“.. ***hanga ammatti jooree jaawwaraa jira.....***”jedhe seenaa dhugaa addunyaa dhugaa keessatti argamu bifa bareedaa ta'een dhiyyeessee jira

3.5 Xinxala Eenyummaa keessoo fi alaa qooddattootaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu

Kutaa kana jalatti, waa'ee eenyummaa keessoo fi eenyummaa alaa kan qooddattoota gurguddoo ta'aan ilaalla. Asoosama keessatti barreessaan tokko yeroo qooddattootaaf gahee kennu, amala namnii addunyaa dhugaa keessatti qabachuun beekamu asoosama keessattis amalootni namoonni qaban hundii ni argamu. Kanatu gahee qooddattootaaf kenname murteessa. Kan miiraa namoota yaadan dinqiisiisuu, gaddisiisu, gammachiisu fi namoonni murtee akka itti kennaan kan godhuu eenyummaa keessoo fi alaa namani qabuudha.

Eenyummaa keessoo fi alaa yeroo jennu eenyummaan keessoon amala dhalli namaa keessoo isaatti qaba jedhamee yaadame ta'ee kan hin mul'annedha. Argaa yaadaan hubatamu danda'a. Isaan keessa muraasni gara lafina, gara jabina, ammeenyummaa, garraamummaa, kan gadduu, kan gammadu, nama shira xaxuu fi nama namaaf garatti waan gaarii yaaduu danda'u kanneen kun adduunyaa dhugaa keessatti dhuguma amaloota eenyummaa keessoo dhala namaa keessatti argamaniidha.

Eenyummaa alaa kan nuti jennuu, kanneen dhalli namaa tokkoo ittiin bakkee isaatti ittiin beekamudha. Isaan keessaas muraasni guddina qaamaa, xiqqina qaamaa, dheerina, gabaabina, bifaa, umrii , sadarkaa jireenyaa, sadarkaa barnootaa fi dhaabbii qaamaa kanneen of keessatti hammate argama. Kunneen eenyummaa alaa kan barreessaan asoosama tokko akkaataa ergaa barbaadee dabarsuufi hiika sirrii qabachuu danda'uun uumee dhimma sana raawwata kun immoo wantoota dhalli namaa addunyaa dhugaa keessatti qabatuudha.

Kanaafuu eenyummaa qooddattootaa kan asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti argaman kanneen gurguddoo ta'an eenyummaa isaan keessoo fi alaattis qabaan tokko tokkoon ilaalla.

Mataduree kana jalatti eenyummaa keessoofi alaa qooddattootaa goobangaleessaa, gargaartu fi kan masaanuu warreen asoosama mil'uu miliquu keessatti beekamaan gurguddoo isaanii ilaalla.

3.5.1 Xinxala eenyummaa keessoofi alaa goobangaleessaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu

3.5.1.1 Jaawwaraa Eenyummaa keessoo isaa

Goobangaleessi asoosama kana Jaawwaraa Caattoodha. Jaawwaraan eenyummaa keessoon yeroo ilaalluu xiinsammuu, safuu, amala, dandeettii fi kaayyoo isaa kanneen kanaan ilaalla.

Xiinsammun : Jaawwaraan maatii guddaa keessatti waan dhalate guddaatef jireenya qophummaa hin jaallatu. Yeroo barnootaaf maatii irraa fagaatu yaaddoo qaba. Sababa kanaan barnoota isaatti qabxii gaarii fiduu akka hindandeenye ibsa

«...Garuu duraan osoo waggoota qophummaa kana lakkoofsisuu hineegaliin yeroon sabaafi uummata lammiikoo keessa taa'ee barnoota sadarkaa tokkoffaa barachaa ture, barnootakootti akkuma obboloota koo angafaa barataa cimaan ture...» fuula (11)

Kanaafuu nama qophummaatti amanuu miti yaadnii armaan gadii kanuma ibsa.“...*osoo joonja'ee magaala keessa jooruu kitaabuman dubbisa jedheen olseenee malee...*”fuula (12)

Akkasumas jireenya dabarsee fi kan fuuladuraafis nama yaadan baay'ee muddaamu ture.

Kaayyoon: Jaawwaraan nama akkaataa jireenyaa keessatti jalqabaafi gidduutti gufuuwwan mudatan dandamachuun kaayyoo fuulduraaf of qopheessudha. Yaaduma kana

“...Garuu deemsi fageenya yaadaa qormaata jireenya injifachuuf deemamu jiraachuuf, dirqama kaayyoofi Abbaan kaayyoo yookaan dhalli namaa jiraachuu akka qaban sammuukootti dhufe.. ”fuula (15)

Dandeettii: Haala hin mijanne keessa ta'ee, kaayyoo fuulduraaf murtoo guddaa namaa keessoo isaatti qabuudha.

“... isan boquu cabsee oolee galuuf murteesse....., injifannoon irra tarkaanfadhee kaayyookoo biraan ga'uuf ofumaa ofif murteesseen.... ”fuula (16) namni yaada isaa irratti murteessuu danda'u kun dandeettii guddaadha. Yaada ofii keessatti nama murtoo ta'uun dandeettii murtoo keessatti argama.

3.5.1.2 Jaawwaraa Eenyummaa alaa isaa

Eenyummaa alaa jechuun akkuma armaan olitti ibsuuf yaalle namni bakkeetti ittiin beekamu bifa, dhaabbii qaamaa, sadarkaa jireenya fi gochaa qaamaa kan kana fakkaatan eenyummaa alaa namaa kan ittiin beekamudha.

Sadarkaan: barnootaan jaawwaraan barataa kutaa kudha tokkoffaadha (11)dha. *“...waan gochuu danda'u gochuuf waadaa ofiif seeneen qabattookoo jabeeffadhee bixxillee xaafii nyaachaa barnoota koo kutaa 11ffaa eegale...”* fuula(19)

jaawwaraan yeroo kana sadarkaan barnoota isaatii kutaa 11ffaa akka ta'e hubatama. Qooddatan kun barataa kutaa 11 ta'ee yeroo jiruu sababa hidhaaf barnoota isaa addaan kutee.

Sadarkaa jireenyaan: Jaawwaraan barataa waantii hundumtuu guutuu ta'eef miti. Kaayyoo fuulduraa galmaan ga'uuf malee haalli jireenya Jaawwaraa barnootaaf miti jiraachuuf mijaawaa akka hin turre seenicha keessatti seeneffame jira.

“... Fedhaafi hawwii kana hundaa kutaa qofa qofaatti kan gaafatu qabaachuu miti tokkittiimti tajaajila kana hundaa laattu iyyuu kankoo yookaan kan abbaakoo akka hintaane mana kiraayii ta'uusheen hubadhe... kana hundaa garuu kutaa tokko keesatti fayyadamee barattoota ijoollee sooressaa kan kutaan tajaajila adda addaa kun hundi isaaniif guutame waliin mana barumsaa tokkoofi kutaa tokko keessa taa'ee dorgomaa tokko ta'ee osoo addaan hinkutiin barachuunkoo mala dhahee qormaata jireenyaa tokko injifadhee beekumsaa dabalachuukoo agarsiisa jedheen of waliin yaada waljijjiirre. ..” fuula(17)

Sadarkaan jireenya jaawwaraa akka barreessaan ka'eetti matii jireenya baay'ee mijaawaa hin keessaa akka jiruufi kan nama hubachiisuudha.

3.5.2 Xinxala Eenyummaa keessoofi alaa qooddattoota gargaartuu asoosama mil'uu miliquu

Asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti qooddattoonni gargaartuu baay'ee dha. Garuu kan nuti ilaallu muraasaafi kanneen gurguddoo ta'aan seenaa asoosamichaa keessattii ga'ee guddaa goobangaleessaa gargaaru keessatti ga'een isaanii haala qabatamaan raawwatan irratti hunda'uun waa'ee eenyummaa keessoo fi eenyummaa alaa isaanii haala qooddaachiisaan waa'ee isaani ka'ee ilaalla. Isaanis: Kuluulee, Tokkummaa, Saqaataa (Abbaa Margaa), Abbaa Jaawwaraa fi Hadhaa Margaa...kanneen kun qooddattoota gargaartu gurguddoo asoosama dheeraa mil'uu miliquu dha.

3.5.2.1 Kuluulee Eenyummaa keessoo ishee

Kuluuleen jaalallee jaawwaraadha. Seenaa asoosamichaa keessatti ga'ee guddaa ba'eettii jirtii. Kuluuleen yeroo eenyummaa keessoo ishee ilaallu.

Xinsammuun: Midhama namaaf kuluuleen namaa Xinsammuun ishee sadarkaa midhamuu dandeesisu irra geessee nama miidhamtee dha. Yaaduma barreessaan yeroo ibsu

“... yeroon afaan banee inimmaan koo lolaasuutti jalqabu ishiinis bakkuma jirtuutti akkuma sagalee koo dhageesseen nama elektiriikiin qabee dhiiga keessaa fixe taatee gogdee hafte...” fuula(63)

Kanaafuu yaada kanarra kan argannu kuluuleen sababa jaalalleen ishee jaawwaraa hidhaaf dhabdeef Xinsammuun ishee eebbaa barnoota isheetti illee akka gammachuu qabachuu hindandeenye godhee jira.

Safuun : kuluuleen Maatii, hiriyyoota isheefi hawaasa biraatti shamara safuu qabeettii dha. Akkasumas jaalallee isheef Jaawwaraan erga manaa hidhaati ba'ee jooraa ta'e kastee, amma inni akka du'eef jiru bartuutti nama bira hiriyyaa jaalala hin baafanne.

“... Harmee koo.... intala abaluu ishii gaafa akkasii jedhamees safuu tarkaanfachuutti waamamee gaaftokkollee maqaa isin dhoosisee hinbeeku..... Garuu mucaan ani jaaladhee jaalala ijoollummaa walin jalqabe kun haa du'uu, haa jiraatuu, wanan beeku hin qabu. Erga waraabessi isa nyaate yuusuu didee waggaarratti darbeera...”fuula (109)

Kanaafuu kuluuleen nama safuu waan hunda eguu dandeessuudha.

Kaayyoon: Kuluuleen waa'ee jireenya egeree isheef kan miidhagaa ta'uu danda'u yoo har'a bu'uurri isaa jabaatee akka ta'ee.

3.5.2.2 Kuluulee Eenyummaa alaa ishee

Qooddattuun kun qooddattoota gargaartuu gurguddoo keessatti kan argamtu yoo taatu, ga'ee seenicha keessatti haala baay'ee gaarii ta'een hirmaate jirti. Mata duree kana jalatti waa'ee eenyummaa alaa kuluulee ilaalla. Eenyummaan alaa kanneen akka bifa,dhaabbii qaama, sadarkaa jireenyaafi sadarkaa barnootaa kanneen kana fakkaatan ilaalla.

Dhaabbii qaamaan: dhaabbii qaamaa jechuun haala miidhagina qaamaa nama ta'ee kan uumamaan Uumaan bareechee uumee haala miidhagina qaamota kanneen akka morma, ilkaan, rifeensa yookaan shurrubbaa, fuula, mudhii fi haala sheepii qaama namaa kan ilaallatu hundaa ta'aa. Barreessaan asoosamichaa yeroo dhaabbii qaamaa yookaan bareedina qaamaa kuluulee yeroo ibsu

“...Ilkaan ishii silaa baddeessaa arfaasaa laga Asattiiti. Yaa uumaa siif safuu! Ilkaan Rabbi naaf laate osoon qabuu kan namaa ilaalee yeroo qaamni koo hoollatu. Ija ishiis ilaali adaraa waaqaa, buutii dhagaa jalaa akka gucaa namattii ibsu fakkaata yeroo isheen baallee ijashee olqabdee gabatee gurraacharraa qubee funaantu. Rifeensi matichaa silaa maalii, ishiinuu beekkattee ol martee gad martee xaxxee hiiteetti malee osoo gadi gadhiistee deemtii ta'ehoo jaawwee ilmi abbaa milkii yoona qaata maraatteetti... ” fuula (24)

Barreessichi yeroo ibsu qaama ishee hunda wantoota garaagaraatti fakkeessee ibsee jira. Ilkaan ishee baddeessaa arfaasaatti fakkeessee jira baddeessa Arfaasaa jechuun kan baay'ee bunni ta'uun namatti kan midhaaguudha. Akkasuma addunyaa dhugaa keessatti foon ilkaan shamarranii yeroo bunni ta'uu baay'ee kan namattii miidhaguudha.

Ija ishee buutii dhagaa jalaatti fakkeessee jira akkasuma qolli ija shamarranii yoo gurraacha'ee kunis yeroo tokko tokkoo dhala namaaf qofa osoo hin taanee beeladoota manaaf illee yeroo maqaa miidhagaan akka waamaman gochuu danda'u jira.

Rifeensa mata ishee akka funyoo ol martee gad martee xaxxee jechuun dheerina isaa funyootti fakkeessee jira. Kunis shamarran kan isaan addunyaa dhugaa keessatti ittiin jaallatamuuf ittiin beekaman keessa inni guddaan rifeensa mata isaanii kan shurrubbaa jedhame beekamuufi ittiin shamarran weeddifamanidha.

Sadarkaan: kan barnoota yeroo jaawwaraa wajjiin jaalala jalqabduu akkuma jaawwaraa kutaa 11ffaa yoo taatu garuu kuluuleen barnoota ishee utuu addaan hinkutiin dhaabbiilee barnoota olaanaa galuun barnoota ishee Yuunivarsiitii Finfinneetti barattee milkoofttee jirti.

3.5.2.3 Abbaa Margaa (Saaqqataa) Eenyummaa keessoo isaa

Qooddataan kun qooddattoota xixxiqoo keessatti kan argamu yokaan seenaa asoosamichaa keessatti goobangaleessaaf seenaa hojii oolmaa guddaa toleefii jira mata duree kana jalatti waa'ee eenyummaa keessoo Abbaa Margaa (Saaqqataa) ilaalla. Eenyummaan keessoo akkuma armaan duraa kaafnee ilaalle waa'ee eenyummaa keessoo

nama kan namni ittiin beekamuudha. Isaanis safuu, kaayyoo, amalaafi dandeettii nam ni keessoo isaatti qabuu ilaalla.

Amalaan: Abbaan Margaa (saaqqataa) nama gara laafessa garraamii arjaa ta'uun nama namootaaf, kan rakkatan gargaaru, kan beela'an nyaachisu. Kan wallalee gorsuun nama namaa gargaaran ta'uun beekamu.

“... maal taatan? Maal akkan isin gargaaru barbaaddu? jedhan.. maanguddoon faradoo yaasaa turan sun. Akkan fuulaafi dubbii isaanii irraa hubadhetti haalli keenya waan isaan gaddisiise natti fakkaata osuma garaan isaanii maalummaa keenya shakkaa jiruu... fuula (75)

yaada kanarratti kan nuti argannuu Abbaan Margaa nama miidhamaa gargaaruuf feedhii akka qaban gaaffanna isaanii irraa hubatamaadha.

Akkasumas garalaafina kan qaban yoo ta'uu

“... maloo haadha Margaa bixxilleenkee hinhafnee? Ijoolleenoo dhumaniiruu.. ” jedhan. Fuula (80)

Kanaafuu qooddatan abbaa Margaa jedhamu kun yeroo jaawwaraa fi Tokkummaan jooraan karaa irraa arguun beela'oo dhumoo isaani fudhatani galanii nyaataa kennaaniifii

Kaayyoon: Abbaan Margaa (Saaqqataan) nama kaayyoon jireenya isaanii geggeessaniifi akkasumas namoota biroof kaayyoon akka jiraataniif nama gorsuun nama kaayyoo kan namatti uumuu danda'aniidha. *“...maal jedheen maal dhiisa waa'ee jireenya fuggisoo bara keessanii kana? Dargaggoon jabana kanaa silaa duubaaf fuuldura isaa ilaaluun hinjiru. Kanaafuu amma ka'aa daddafaa gara manaatti deebi'aa. Jarri keessan kun duubaan isinirra yaa'anii, anaanillee qe'eekoof maqaan koo xureessuu danda'u... ” jedhan fuula (84)*

Safuun: Hawaasni Oromoo yeroo keessummaan gara mana isaa dhufu safuu ittiin kabajuu qaba. Kunis namni nama ta'uu isaa qofaaf Oromoon yoo namni mana isaa dhufee kabajaan keessummeessuun aadaa fi safuu Oromoon ittiin beekamuufi iddoo guddaa qabachuu isaa hubatamaadha. Abbaan Margaas yeroo Jaawwaraa fi Tokkummaan mana

isaanii dhaqanii of tuffachaa eddoo gad aanaa ta'aan isaanii immoo nama safuu qabu waan ta'aaniif keessummaa kabajaaniiru.

“...Qe'een nama guddaa isa balballiif boroon ulfina qabudha....

Ijoollee koo..... kottaa olseenaa ”jedhan. Fuuldura keenya bu'anii balbala dallaa mana isaanii bananii olseenan. Nuyis duukaa isaanii olseenne. Erga manatti olseenneeti, balbaluma manaa irra teessuma dalgee xiqqoo tokko irra gad teenye.... maal taatan ijoolle... teessuma daa'ima irra teessuu? Ka'aa oldarbaa...”jedhan fuula (78)

Yaada kana yeroo ilaallu Abbaan Margaa karaa safuu Oromoo qabuun nama mana isaa dhaqee kabaja guddaan keessummeessee jira. Kanaafuu Abbaan Margaa nama safuu kan qaban, kabajamoo ta'anii nama kabajuu danda'aniidha.

Dandeettiin: Abbaan Margaa dandeettii nama gorsuu, dandeettii dubbii bilchinaan dubbachuun eegeree gaarii namatti horuu kan danda'aniidha.

“...Dubbii maanguddoon kun yeroo xiqqoof dubbatan kun ribuu nu seenee hirbuu nu keessa kaa'e.... ” fuula (77)

Kanaafuu dandeettii guddaan keessoo isaaniitti argamuu kun bakkeetti ba'ee namoota biroo jijjiiruu akka danda'u kanarraa hubachuu dandeenya.

3.5.2.4 Abbaa Margaa (Saaqqataa) Eenyummaa alaa isaa

Waa'ee qooddataa kana mataduree kana jalatti eenyummaa alaa isaa ilaalla. Kunis akkuma armaan dura ilaalle eenyummaan alaa waa'ee jireenya kan sadarkaa jireenya beekamtii hawaasummaa keessatti qabaniin fi gochaa qaamaan raawwii isaan raawwatan ilaalla.

Gochaa Qaamaan: Abbaan Margaa nama hawaasa keessatti harka toleessa jedhame beekamudha. Akkuma addunyaa dhugaa keessatti namoonni hawaasa isaanii keessatii hojii harka isaaniin kabajaman jiran midhagummaan qe'ee isaani kan nama hawwiisuu ta'uun beekamu.

“...Yeroo balbala mana maanguddoo kanaa geenyu dallaan isaanii qe’ee Abbaa oofaa fakkaata. Ganna yeroo lafti hunduu magariisaan uwwifamu miti.bona qaamuu walakkaa. Yeroo wanti hundi gogullee dallaa isaanii jala handaaqqoon hulluuquu hindandeessu... ” fuula (78)

hojiin maanguddoo kana namaatti toluufi hawwatu ta'uu isaa barreessaan waa'ee qe'ee isaanii, waa'ee bareedina harka isaanii fi waqtiilee yeroon illee sirriitti ibsee jira.

Sadarkaa jireenyaan: Akka maanguddoo kanatti wantoonni ilaalaman sadarkaan jireenya isaanii kan ilaalamu: maasii, qe'ee, qabeenya alaa fi mana, gosoota beeladoota mana fi haala kabajaan hawaasa keessatti beekamaniin ilaalamu.

Abbaan Margaa akka waliigalaatti nama qabeenya hundaan hawaasa keessatti nama guddaa ta'uun beekamu. Barreessaan yeroo ibsu

“... Akkuma amala isaanii takka loon, takka fardeen, takka jabbilee maqaa dhahatanii dachaa goodaa finfa'aaf mana isaanii gidduu marmaaru....” fuula (83) Kanaafuu yaada kanarraa Abbaan Margaa wantoota barbaachisoo maatii baadiyyaa jiraataniif barbaachisuun akka sadarkaan jireenya isaanii baay'ee gaariifi kabajamoo isaan tasisuun jiraachuu akka danda'an barreessaan seeneessee jira.

3.5.3 Xinxala Eenyummaa keessoo fi alaa qooddattoota masaanuu asoosama dheeraa mil'uu miliquu

Qooddattoonni gargartuun akkuma asoosama kana keessatti kaayyoo goobangaleessaa galmaan ga'uuf Eenyummaa keessoo fi alaa isaanii fayyadamanii gargaraa turaan mataduree kana jalatti immoo Eenyummaa keessoofi Eenyummaa alaa qooddattoota masaanuu asoosama mil'uu miliquu keessatti goobangaleessaa irratti raawwatan ilaalla.

Namni namaa miidhuuf yeroo ka'uu eenyummaa keessoon yaaduun shira namarratti xaxuun kiyoo qopheessuun yeroo raawwii isaa ammoo gochaa qaamaan sadarkaa danda'een bakkeetti basee miidhama barbaade raawwata. Gochaa qaamaan raawwatamuuf bu'uurri isaa eenyummaa yaada keessoo namaadha.

Akkaataa walitti dhufeenya yookaan hariiroo eenyummaa keessoo fi eenyummaa alaa kan ilaallu yoo ta'uu kan masaanoota irratti kan xiyyeeffatedha. Masaanoonni asoosama

kana keessatti goobangaleessa irratti miidhama geggeessan poolisoota, Mammiree Zamanuu fi jaldeessoota kaabaadha garuu mataduree kana jalatti kan poolisootaafi mammiree Zamanuu ilaalla.

3.5.3.1 Poolisoota Eenyummaa keessoo isaanii

Akkuma armaan dura ilaalle eenyummaan keessoo garajabeessa ta'uu, shira xaxxuu, safuu dhaabuu, amala gadhee qabachuufi kaayyoon isaanii maal akka ta'ee ilaalla

Amalaan: poolisoonni kun amalaan dhala namaaf ho'aa kan hinqabne, nama shakkii siyaasaan argatan silaa amala namaa utuu hin amala bineensa kan itti agarsiisaniidha. Gochaa hamaa raawwachuuf keessa deebii hinqaban garaa jabaatu malee. Jaawwaraafi Tokkummaa yeroo qabatan yakkaa irratti utuu hin ta'iin barattoota karaa irraa deeman qabatan garuu akka nama hattuu qabeettii yeroo isaan shakkiin qorachuu caalaa waanuma yaadan raawwatan argina

“...Tambarkak si jechaan jiram ”jedheeti ammas mataatii gadii natti cire kadhaakoof garaa laafuu didee... Lekkaa ihii.. ihii.. Jaawwaraa Caattoo sii guu Bexaam xuruu... Amma raajiikee argita egaa jedhe ka'aa lamaan keessan iyyuu jedhe ammas... ”fuula (42)

poolisoonni kun amala dhala nama yookaan kan seeraa utuu hin taanee amala sirna yerichaa kan raawwatanidha seenaa armaan olii irraa kan nuyi hubaannu dhugaa nama hubachuun seeraa raawwachuu caalaa karaa malee mirgaa nama cabsanii sirna yerichaa biratti badhaasa argachuudhaaf kan hojjetan ta'u mul'isa.

Safuun: safuun yeroo ilaallu poolisoonni kun sababa kaayyoon isaanii seeraa sirnaa raawwachuu ta'eef, dhala namaaf kabajaa hin qaba. Akkasumas nama salphisuun sirnichaa akka gaariitti waan ilaalamuuf poolisoota kana biraatti dhala nama salphisuun akka ulfinnaatti ilaalama. Yaada kana barreessaan yeroo ibsu

“...Kun lamaan warra mana barumsaa jeequuf barattoota qindeessaa jiranidha. Amma iyyuu dirqama fiigichaa fi bu'aa ba'ii meeqaan bosona irraa bosonatti na dabarsaanii deeggarsa caasaa keenyaan gidiraa akkamiinan qabee fide... ”jedhe fuula (44)

yaadni kun kan ibsu gochaa safuu nama tokkoo hojii isaa malee itti fufanii maqaa balleessuuf akka yaadan argina addunyaa dhugaa keessatti uummata Oromoo biratti namaa tokkoo hojii isaa malee maqaa balleessuun safuu namicha hawaasa keessa cabsuu jechuudha.

Kaayyoon: kaayyoon yoo ilaallee dhimma poolisoonni tokkoo yakka qoratani dhugaa namaa baasuuf hojjechuu utuu hin ta'iin dhimma sirna yeroo sanaa biyyaalee bulchuu gammachiisuu qofa irratti kan xiyyeeffataniidha. Nama sirna sanaa ni morma jedhanii yaadan hundaa qabani caccabsuudha. Yaada kana barreessaan yeroo ibsu

“...Maaloo maalin si godhe obboleessakoo adaraa na hindhaaniin. An nama seera eegee daandii irra deemaa jirudha. Hinhanne, hinbutne,. Maal hoomaan dugda na kutta?.. ” fuula(41)

Garajabeeyyii: Namaaf gara kan hin laafne yookaan nama akka namatti kan hin ilaalle

“...Namni nama ta'ee dhala namaa daandii gubbaa irratti akka kanaatti, bara harreen kabajaamte, akka harreetti rukutu nama keesaatti hindhalannemoo eessaa dhufe namni akkasii?..... ” fuula (41)

yaadni isaan namaaf qaban amma namni horii yookaan harreef qabullee akka hin geenyee kun immoo garajabeeyyii ta'uu isaanii ibsa.

yaadni kun kan ibsu barattoonni kun yakka akka hin qabnee seera kan egaan mirgaa nama biraa kan hinsarbina yeroo fi bakkaa malee kan deddeebinee karaa namni deemu qabu kan deeman yoo ta'uu kaayyoon poolisoota kana sirna caasaa bulchiinsa yeroosicha kabajuu qofa irratti kan xiyyeeffate ta'uu mirkaneessa. Addunyaa dhugaa barattoonni oromoo sirna bulchiinsa TPLF keessatti irratti rawwatame kaayyoon isaanii dhimma dhugaa irratti utuu hin ta'iin akkaataa sirna bulchiinsa isaani bara dheeraa turfachuu danda'aniin kaayyessuun hojjechaa turuu isaanii seenessa.

3.5.3. 2. Poolisoota Eenyummaa alaa isaanii

Mata duree kana jalattii waa'ee eenyummaa alaa masaanuu qooddattoota asoosama kana ilaalla. Gochii eenyummaan alaa raawwii qaamaa, sadarkaa irra jiraatanu fi wantoota

poolisoonni kun poolisii ta'uu isaaniin qabatan hundii eenyummaa alaa isaanii kan ibsaaniidha.

Gochaa qaamaan: Qooddaachiisaan yeroo poolisoota kanaaf akka siyaasaa yeroositiin yeroo ga'ee kennuu, akka poolisoota Uummata utuu hin taane, akka qaama biyyaa saamicha fi uummata diiguudhaaf gurmaa'ee biyyaa weerara jirutti ga'ee isaan qaamaan raawwatan kenneefii jira. Akkaataan isaan ittii beekaman waa'een eenyummaa alaa isaanii uffata nageenya kan uffatan, dandeettii ispoortii kan qabaan, yoo namaa dhidhiitan kan kiskisi kan qabaniifi yoo barbaadan immoo meeshaa waraanaa Qaawwee kan qaban, isaan kan nama ajjeesuu danda'an yoo ta'aan kanneen kun eenyummaa poolisoota kan isaan ittiin beekamaaniidha.

Gochaa qaamaan kan reeban, kan hidhaanfi

“...kottaa deemaa fuuldurakoo” jedhee magaala keessa daandii qalloo tokkorra nu qajeelche..... nuyis,nama qawwee qabu waan ta'eef sodaanneema faana buune malee eessa akka nu dhaqatu hinbeeknu.. ”fuula (42)

Waraabbiin kun kan ibsuu wantoota poolisoonni kun qabatan, gochaa isaan raawwachu danda'an, meeshaa qabachuu isaaniifi kanneen kun eenyummaa alaa poolisoonni kun ittiin beekamaaniidha.

Sadarkaan jireenya: jireenya isaanii qaama waa'ee nageenya baratee kan meeshaa waraanaa of harka kan qabuu yookaan immoo dhimma seeraa keessatti qaama seera raawwachiiftuu jedhamee kan beekamu poolisii biyyaa tokkoodha. Kun sadarkaa isaanii isaa guddaadha.

3.5.3.3 Mammiree Zamanuu Eenyummaa keessoo isaa

Qooddataan kun qooddattoota masaanuu goobangaleessa keessaa isaa goobangaleessaa gufachiisu keessatti, hiriyyaa Jaawwaraa kan ta'e Tokkummaa ajjeessuun, Jaawwaraan akka qofa isaa jooruuf gochaa masaanummaa isaa raawwatee jira.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee eenyummaa keessoo mammiree Zamanuu haala barreessaan asoosama kana kennetti fayyadamuun safuu isaa, amala isaa, kaayyoo, xinsammuu fi yaada isaa ibsaan ilaalla.

Safuufi amalaan: Mammiree Zamanuu kan dhala namaaf safeeffannaa hin beekneefi amala nama tuffachuu kan qabaniidha. Yaada kana barreessaan asoosamichaa yeroo seenessu

“... maal isinihoo dubbii iyyuu hinbeektanii? Faranjiima baargamaa dhufte taatanihoo..... isin ijoollee Habashaa mitii? ” jedhe Mammireen.

Lakkisaa..... nuyi faranjiis habashaas miti jenne.

“KKKKKK.....” jedheeti kiksee nutti kolfe. Mata dureen dubbii, yaada keenya yaada isaa waliin irratti wal dhiites waanuma ajaa'ibaa inni dhagahee hinbeekne itti ta'e_habashummaafi faranjummaa.

“isin ilmoo namaa mitii? Faranjiis miti, habashaas miti jettan. Maal ofjechuu feetanree? ” jedheeti ammas kolfa qasa'e. Fuula (91)

Akkuma yaada armaan olii kanarraa hubannutti, mammireen keessoo isaatti amala tuffii fi safuu namaa qabachuu dhabuun sirritti irraa argama. Yaada tuffii kan mul'isu “**maal isinihoo dubbii iyyuu hinbeektanii?** Akka yaada isaatti dubbii beekuun akka isaatti yoo dubbatan jechuudha. Dabalataan ofitto ta'uu isaa agarsiisa. Safuu dhabuun isaa immoo “**KKKKKK..... jedheeti kiksee nutti kolfe.**” nama miti jedheeni kolfuun safuufi kabaja namaaf dhabuu mul'isa

Kaayyoo: Mammiree garajeessa akka bineensa jechuu ni dandeenya. Keessoon isaa yookaan kaayyoon mammiree afaaniin gaarii fakkaachaa kaayyoo nama ajjeesuu qabu.garajabeenyi isaa immoo ergaa nama ajjeese ittii qoosuu isaatiin bira gahamuun ni danda'ama.

3.5.3.4 Mammiree Zamanuu Eenyummaa alaa isaa

Akkuma armaan dura waa'ee eenyummaa alaa kaasnee ilaala turre, eenyummaan alaa mammiree Zamanuu yeroo ilaalluu sadarkaa jireenya isaa dhimma qabeenyaan

walqabatu fi haala qooddachisaan waa'ee isaaf ga'ee kennee irratti hunda'uun wantoota biroo eenyummaa alaa isaa ibsaan ilaalla.

Sadarkaa jireenyasaa: Mammireen Zamanuu haala barreessaan ga'ee kenneef irraa kanee yoo ilaalle, Nama jireenya akka naannoo isaatti yookaan hawaasa baadiyyaa jiraatuutti, Nama jireenya gaarii qabudha. Yaada kanaa barreessaan yeroo ibsu.

“...Balbala boroo teenyee osuma haasaa keenya jaarsa waliin walaasnuu, fooliin dhadhaa mana nyaata bilcheessan keessaa gad burqu, bakkeetti lafaan nu mare...”
fuula (96)

yaadni kun sadarkaan jireenya mammiree guddaa ta'uu ibsa. Addunyaa dhugaa keessatti waa'ee hawaasa yoo ilaallee, namni dhadhaan qe'ee isaati urgaa'u qe'ee warraa soresoota jedhame beekama.

Eenyummaan alaa isaa inni biraan akka amantii isaatti bulchaa bataskaana Maaramii qadiidaati. Kunis sadarkaa amantii isaaf nama guddaadha jechisiisuu dandeessisa.

3.6 Xinxala haala qooddachisa qooddattoota asoosama dheeraa mil'uu miliquu

Qooddattoonni hojii ogbarruu keessatti qooddachiifaman marti haala irratti hunda'an ni qabu. Akkasumas tooftaa ittin seenicha keessatti hirmaatan ni qabu. Haala ittiin isaan ga'ee achi keessatti hirmaachuun ba'anis barreessaan duraan dursee sammuu keessatti kalaquu qaba. Haalli barreessaan itti qooddattoota isaaf ga'ee qooddachiisu, taatoota asoosamichaa keessatti haala walsimuun hiriiree kan argamu ta'uu qaba.

Hojii addunyaa dhugaa keessatti argamu wajjin akka faallaa hintaaneetti hirmaachifamu qaba. Fakkeenyaaf ga'ee haadhummaaf kenname Abbaan raawwachuu hin qabu. Ga'ee dargaggeeyyii yookaan jaalalaf kenname kan harmee yookaan haadhaa ta'uu hinqabu. Ga'een Abbaas lafuma abbummaatti fudhatama argata. Kanaafuu wanti addunyaa dhugaa keessatti fudhatama hinqabne yoo kalaqa saayinsii ta'ee malee fudhatama hin qabu.

Haaluma kanaan ga'een qooddattoonni asoosamichaa bifa seenichan walsiimsiisuun qoodnee yoo ilaallee akka ga'ee isaanii ba'aniif ga'een kan kennameef haadhummaa, Abbummaa fi jaalala dargaggeeyyii ga'ee fudhatani hirmaatanii jiru.

3.6.1 Xinxala qooddachisa haadhummaa

Mataduree kana jalatti haadha ta'uun ga'ee haati tokko qabdu kan qabatan yookaan bahatan ilaalla. Kunis gochaa addunyaa dhugaa keessatti haati dhala ishiif tasiiftu fi akkaataa dubartummaan hawaasa keessatti ga'een isaan bahatan ilaaluu dandeenya. Kanaafuu asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti dubartoota ga'ee haadhummaa bahatan tokko tokkoon ilaalla.

3.6.1.1 Harmee kuluulee

Qooddattuun kun qooddattoota gargaartuu xixiqqoo keessa tokko. Ga'een isheen seenaa asoosamichaa keessatti fudhattees akkasuma xiqqaadha. Ga'een isheen fudhattee seenicha keessatti fudhachuun hirmaatte ga'ee haadhummaa yommuu ta'u akkuma addunyaa dhugaa keessatti hariiroon haadhaafi dhala gidduu jiru cimaa ta'ee kan argamuudha.

Harmeen kuluulee: yeroo kuluuleen jaalallee ishee Jaawwaraa sababa siyaasaa yeroo sanaaf baqataa ta'ee jiraachuuf dirqame barnoota dhisee ishee bira deemuu kuluuleen yeroo kanaa nama faara hinbaane taatee yeroo hundaa kan gadditee taatee argamte.

Harmeen kuluulee yeroo kana akkuma haadhooliin addunyaa dhugaa keessatti iccittii dhala isaani beekuun fala barbaadan harmeen kuluulees iccittii beekuun sababa gaddaa isheef furmaata ta'uu barbaaddi. Kunis hawaasa keessatti haadhooliin mala dha'uun beekamu. Akkuma mammaaksa Oromoo keessatti *“malli kee mala dubartii Haata'u ”* jedhuu harmeen kuluulees akkas jechuun

“...guyyaa tokko garuu harmeen ishii waa mala dhahan; akkaataa itti amala ishii bakka duriitti deebisan barbaaduuf. Gola ciisicha ishii keessa seenanii “kuulleekoo.....kottumee...godana gara baadiyaa kana deemnee akaakayyuukee dubbisnee dhufna” jedhan fuula (106)

yaada kanarraa akkuma hubatamu harmeen kuluulee akkaataa ittiin iccitii intala ishii argachuu dandeessuuf fala barbaaduuf malee abbaan ishee nagaadha. Silaa garaan haadhaa dhala isheef fala barbaaduuf dandeessuudha. Kanaaf jechaa mararteen iccitii baruuf intala ishee gaafatte. Haaluma kanaan barreessaan asoosamichaa yeroo seenessu

“...saree koo.... nan dhoksatiin. Waan fedhes Haata'u, ji'a sagal guutuu garaatti si baadheen si dahe. Ana haadhakee caalaa nama sitti aanu hinqabdu. Amman lubbuun jirutti, ana gararraatti kan rakkoo kee furuuf sitti dhihaatu waaqa yoo ta'e malee hinjiru. Mee natti himadhu..... bukuraakoo..... nan sodaatiin dhugaa jiru anatti himi ”....Mee dubbadhu dosoraakoo.. ana ayyookee daaraa haafakkeessu.....daalachooftuukoo.. jedhanii fuula ishii irraa harkaan haxaa'ani... ”
fuula (107-108)

Seenaa kana keessa Jechi haadhummaa ibsuu fi mararteen kan dubbaatame **“saree koo,.... Ana haadhakee, bukuraakoo,.... dosoraakoo,..... ana ayyookee,..... daalachooftuukoo....”**fuula 105)

kanneen kun aadaa hawaasicha keessatti jechaa yookaan marartee jaalala haadhummaa mul'isu.

Harmeen kuluulee garaa jaalala haadhaan waan gaafatteef, kuluuleen iccitii ishee utuu hin hambifatin harmee isheetti iccitii himtee jirti. Harmeen kuluulee fala barbaachisu jaalalaan kuluuleef gorsa haadhummaa kennite jirti. Addunyaa dhugaa keessatti haadhotiin gochaa akkasiin aadaa uummatichaa keessatti sirriitti kan beekamudha.

3.6.1.2 Haadha Margaa

Haati Margaa qooddattu qooddattoota xixiqqoo keessatti kan argamtu yokaan tatuu seenaa asoosamichaa keessatti bakkuma tokkotti argamte seenaa asoosamichaa keessatti ga'ee haadhummaa bahattee jirti. Akkasumas gochaa haatii garalaafinan namaaf gadduun raawwattu seenicha keessatti raawwatte darbitee jirti.

Haati Margaa akkuma haadholii hawaasa keessatti dhala namaa rakkaate garalaafinaafi arjummaan haadhummaan ittiin beekamtu gochaa gaarii nama beela'e nyaachisuun arjummaa agarsiisanii jiru.

Haatii Margaa haadha warraa Abbaa Margaa (Saaqqataa) yoo ta'an . Akkuma saaqqataan Abbaan Margaa ijoollee namaa akka abbaatti iccitiin gorsuufi kaayyoo qabsiisuun beekamu, haatii warraa Isaanis haati margaan yeroo Jaawwaraafi Tokkummaan beela'anii abbaa Margaa wajjiin mana dhufan akka haadhatti na'aniif, sagalee marartoon ijoolleef ho'aa agarsiisanii jiru.

“...Aanaan biyyeen haanyaatu. Anoo akka ati nama qabdu hinbeekne..... kunoo waanan suma qofaaf hojjedhedha. Mee xiqqoo ishii naaf obsaa nan bixxilaafi.... ”

fuula (80)

yaaduma kana yeroo ilaallu garalaafina haadhummaa argisiisa. Addunyaa dhugaa keessatti haadholiin yeroo nama beela'ee yeroo nyaachisan namoonni haadhaa keenya yookaan haadha naaf taatee jedhanii waamuu kun immoo aadaa fi duudhaa hawaasa keessatti beekamaadha.

3.6.1.3 Rabbiituu Beekaa

Rabbiituu Beekaan Qooddattuun kun qooddattoota gargaartu xixiqqoo takkaa mul'atanii seenaa hojjeetani darban keessa ishee tokkoodha.

Rabbiituu Beekaan seenaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu kana keessatti haadha goobangaleessaa (Jaawwaraa) ta'uun argamti. Haadha dhiiraa ja'a (6)fi shamarran lama (2) yookaan Haadha ilmaan sadetti (8) dha. Asoosama kana keessatti ga'een isanii Haadha goobangaleessa asoosamichaa deesse ta'uun seenaa asoosamicha keessatti Jaawwaraan obbolloota meqaa akka qabu baruun namni haati isaa meqaa akka deesse baruun barbaachisaa waan ta'eef haati Jaawwaraa, Jaawwaraa dabalatee ijoollee sadetti akka qaban seenaa asoosama kana keessatti qooda fudhatanii jiru.

3.6.2 Xinxala qooddachisa Abbummaa

Qooddattoota seenaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessaatti ga'ee Abbummaan addunyaa dhugaa keessatti matii isaaf raawwatu rawwachuun as keessatti argaman ilaalla.

3.6.2.1 Abbaa Jaawwaraa (Caattoo)

Abbaa Jaawwaraa (Caattoon) qooddataa qooddattoota gargaartu keessa tokkoodha. Seenaa asoosama kana keessatti Abbaa goobangaleessaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu ta'uun ga'ee Abbaan tokko addunyaa dhugaa keessatti maatii, dhala isaaf yookaan eegeere ilma isaaf ba'uu qabu caattoonis ga'ee kana ba'atanii jiru.

Yaada kana adduunyaa dhugaa keesatti Abbaan tokko yoo qabatuus, yoo dhaaba ta'uus, dhimmi eegeere dhala isaaf itti gaafatamummaa fi imaanaa eenyummaa isaa dhallii isaa yookaan ilmii isaa eeguuf ka'uufi kanneen akka barsiisuu, nyaachisuu, gorsuu, safuu hawaasummaa barsiisuufi waa'een itti gaafatamummaa eenyummaa aadaa ofii barsiisuun ga'ee Abbaan tokko qabuudha. Kana keessatti Caattoon Abbaan Jaawwaraa ga'ee inni ba'ate tokko tokkoon ilaalla.

“... Mootiin maatii keenyaa... Abbaankoo yeroo hedduu hojii oolanii yeroo galan miilla isaanii dhiqsiiifatanii, dagalfatanii ciisanii nama gorsuu jaalatu...” fuula (9)

Yaada armaan olii kanarraa abbaan gorsaa ta'uun ga'ee isaa akka ga'ee abbaan tokko qabu akka raawwata jiru agarsiisa. Kana malees yaada armaan gadii irraa ga'ee Abbaan maatii isaa nyaachisuuf hojii inni hojjetu nu hubachiisa

. Waan hunda caalaa garuu ishuma har'a warri keenya nyaatanii bulaniifi ishuma as lafa mana kiraayikootti akka qallabaatti anaaf ergan kana iyyuu qabatuma jaarsa kanaan arganna. Innis maal seete, Abbaankoo jaarsumti jarri saamtuun sun akka nama humna hinqabneetti ilaalan kun gaaf gaaf tokko aaree, saqalaa boqqolloo yaabee taa'ee osuma ulullee afuufuu, jaldeessa....corqaa fixu kanatti yeroo furguggisu, keessaa tokko adda dhahee akkuma boqqolloo corqaa ciniintetti lafa ishii ciniinsisa. Fuula (59)

Abbaan Jaawwaraa akka kutaa kanarraa hubanuutti ga'ee abbummaa isaa raawwachuuf dadhabin akka isaa hindangeessiin barreessaan asoosamichaa ka'ee jira.

3.6.2. 2 Abbaa Margaa (Saaqqataa)

Qooddataan kun akkuma qooddattoota biroo tokko tokkoo qooddattoota gargaartuu keessaa tokkoodha. Saaqqataan Abbaa Margaa dha seenaa asoosama kana keesatti nama

amala gaarii qabu nama hawaasa keessatti kabaja guddaa qabudha. Akkasumas Abbaan Margaa Saaqqataan abbaa qe'ee kabaja qabu ta'uun qooda fudhate jira.

Abbaan Margaa seenaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti ga'ee isaan ittiin beekaman inni guddaan Jaawwaraafi Tokkummaa akka abbaatti nyaachisuun gorsa kennuun ga'ee isaan goobangaleessa Kanaaf gargaarsa guddaa godhee jira.

Yaadni armaan gadii akka abbaatti Jaawwaraafi Tokkummaa utuu gorsuu argina.

.... Dachaa fardeenii kana cinaatti yeroo nu arganis hedduu rifatanii.... “maal ijoojjeekoo... maal taatanii bakkeetti baata?” jedhan..... Nutoo qilleensuma fudhanna jennee gad dachaa kanatti dhufne. Namuu nun agarre jenne. Lakkisaa ijoollee koo..... Nuyi nama hinagarre malee namni nu hinagarre hinjedhiinaa. Bara kan jireenyi galagalchoo ta'ee akka nama rakkise isin hinhubannee? Fuula (83-84)

Yaada armaan olitti barreessaan seeneesse keessatti Abbaan Margaa ijoollee kana gorsuun ga'ee abbaan raawwatu tokko fi hojii Abbummaan nama irraa barbaachisu nyaachisuun gorsuun kaayyoo qabsiisuun dandeettii dubbii guddaa dubbaachuun ga'ee isaan raawwatanii jiru.

3.6.3 Xinxala gahee Qooddattoota Jaalalaa / Dargaggeeyyii

Kutaa kana jalatti waa'ee qooddattoota ga'ee jaalalaa fudhachuun asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti seenaan isaanii jaalala keessatti ga'ee raawwatan as keessatti ilaalla. Kunis seenaa namoota waa'ee jaalalaaf ga'ee raawwatan qofa irratti kan xiyyeeffatedha.

3.6.3.1 Jaawwaraa Caattoo

Jaawwaraan qooddataa goobangaleessa asoosama kana yoo, seenaa jaalala keessatti yeroo kutaa 11ffaa baratu hiriyyaa jaalalaa kuluulee jedhamtu waliin addunyaa jaalala seenuun jalqabee jira. Kunis seenaa asoosamichaa keessatti Jaawwaraaf Jaalalli kan jalqabaati. Yeroo 11 barnoota jalqabu addunyaa jaalalaa seenuuf

“...Ajandaa guddicha bara dargaggummaa kan ta’e, waa’ee shamarranii kaasnee erga waliin qoosnee booda, shamarroota mana barumsaa biraa irraa dhufan daree keessaa halaalatti ijaan barbaaduu eegalle... ” fuula (20)

waraabbii kanarraa kan arginu, sadarkaa jalqabaa kan ta’ee eenyuun akka jaallachuu barbaaduuf yeroo inni bifaafi wantoota isaatti tolaan yaadan barbaaduuf xiyyeeffate jiru ta’uu mul’isa.

Guyyaa tokko Jaawwaraan shamarroota sadii kan ta’uumsa tokko irraa ta’aan argee yaadan qabe. Shamarran sana keessa ishii inni ilaalaa ture yaada isaatti akka inni ishee ija jaalalaan ilaalaa jiru hubattee itti kolfitee.

“....Garuu ija dur gamatti fuula isaanii ilaalee nikolfu, nicallisu jedhee sammuukootti himaa ture., har’a altokkittii baallee ijakoo olqabadhee garuman dur bareetti yeroon ibsaa ijakoo ibsu, ijashee bongol gootee xiqqoo na ilaalteeti kan dur ijikoo argu kolfa seeqa ilkaanshee dhiistee calluma jette_ waan haaraa. Ergan ishii ilaaluu jalqabee kan ani argee... ”fuula (20)

Yaada kanarraa jaalalaatti galuuf hariiroo uumuu akka qabu lafa inni itti jalqabeedha.

Jaawwaraan hiriyyaa dhiiraa waa’ee jaalalaa isaa gorsuu erga mari’atee booda, karaa hiriyyaa isaa yaada isheef qabuu ibsuuf akkas jedhe.

“... Garuu isaan keessaa ishii mucaa dhiiraa mataa jigaa sanaafi intalittii diimtuu mataa dheeraa sana gidduu teessu du’een bada malee hindhiisu. Yoo dhuguma hiriyyaakoo taate ammaa kaasii mala naaf barbaadi karaan intala kana itti argadhu....” fuula. (21)

yaada kanarra Jaawwaraan jaalalaan qabamuu isaa irraa kan ka’ee, du’een badaa malee hin dhisuu jechuun isaa addunyaa jaalalaa seenee akka jiru mirkaneessa.

Ergasii Jaawwaraan turtii muraasa booda ergaa hiriyyaan isaa kifileen Intalattii maqaan ishee Kuluulee jedhamtu kana waliin waa’ee Jaalala Jaawwaraan akka ishee jaallate erga

itti himee booda, isheen garuu sababa kaayyoo barnoota isheef jaalala saalaa faallaa akka jalqabu hin barbaanne itti himte.

“.....Dhiifama naaf godhi Jaawwaraa..... yeroon amma anis ta’e ati irra jirru jireenya keenya gara fuuladuraaf kana dhagaa bu’uuraa keenyudha malee kan itti jaalala keessa gallee wal takaallu miti. Anaaf yeroon itti jaalala hiriyaa saala faallaa jalqabnu amma miti...” fuula (32)

mucaa jaawwaraan jaallaate kaayyoo qabachuu ishee mul’iste malee waa’ee isaaf jaalala akka hin qabne hin mul’ifne. Kanaafuu Jaawwaraan abdi utuu hin kutin guyyoota hedduu irraa deddeebi’ee kadhate.

Garuu guyyaa tokkoo kuluuleen waan gaaffiin ishee rakkiseef yaada jaawwaraa beekuuf isaa isuma wajjiin fulaa fulaatti akka hasa’uu qabdu murteessite.

“....Garuu ati si jaaladha jettee gaafduraa kan kifilee natti ergite amma immoo kan lama taatanii ana duukaa buutan Sababni isaa inni dhugaan maal akka ta’e har’a irra deebii naaf himimee Jaawwaraa. Jaalallee kee waliin ni waldhabde yoo ta’es hanga yoonatti jaalallee osoo hinqabaatiin jirta yoo ta’es” jette. Waan nagaafataa turtes, waan ana gaafataa jirtus waan walii wallaalten se’a....” fuula (37)

Jaawwaraaf fulaa fulaatti hasa’uun ishee caarraa yaada isaa isheef akka ibsuuf karaa baneefii jira. Kanaafuu jaawwaraan yeroo jalqabaaf jaalalatti akka seenuuf ishee qofas akka jaallachuuf akka jiru yaada isa ibsuu jalqabe.

“.... Lakki, kuluulee. Ana amannuus dandeessa amanuu dhiisuus dandeessa,garuu ani hanga har’aatti waanuma jaalallee jedhamtu iyyuu qabaachuu miti afaaniifuu dubartii kan jedhamte gaafadhee hin beeku jedheen callise... ” fuula (37)

kanaa jechuun Jaawwaraa qalbii kuluulee booji’ee jira. Kuluuleen erga waan yaaddee booda irra deebite yaada ishee jijjiirte jirti.

Jaawwaraan dubbii gara nama nyaachisan erga fuuldura ishee naqee booda kuluuleen waliin adduunyaa jaalalaa jalqabuuf karaan cufa turte ni banamte.kuluulee akkas jette

“.... Jaawwaraa, Egaa dhuguma hojiinkeefi keessikee akka afaankee yoo ta'e aniif ati jaalala dhugaa A B C D..... jennee waliin jalqabuun keenya hinoolu. Anis waan kanaaf haaraa waanan ta'eef. Garuu keessikeef dubbiin afaankee wal hinargu taanaan osoo hinjaalatiin ati jireenyakoof ani jireenyakeef gufuu bara dheeraa walitti ta'uu dandeenya. Fuula (38)

Yaada armaan olii kanarra jaawwaraan jaalalatti turtii yeroo dheeraa booda milkaa'uu danda'u isaa agarsiisa. Jaawwaraan kuluulee wajjiin jaalala jalqabuu isaaf baay'ee gammadee. Jaalala inni ishee jaallates jaalala dhugaa kan yeroo hundaa wajjiin amma dhumaatti akka ta'uuf namaa yaada bal'aa qabuudha.

“..... Inni guddaan ani gammadee gammachuudhaan ibsuu hin dandeenye ati qofaan tole ana jechuukeeti. “Manni ariitiin ijaarame ariitiin diigama” waan jedhamuuf, jedheen..... isheenis “waan hundaafuu ani tole siin jedheera. Duraanis yeroo kanatti karoorra koo akka hin taane qofaan isinitti hime malee, sirumaa jaalalleen saala faallaa hin barbaachisu hin jenne”... jette..... ” fuula (38)

Yaada kanarra Jaawwaraa jaalala kuluulee wajjin jalqabee dursee waa'ee Jaalalli sun yeroo hundumaa akka jiraatuuf nama yaada gaarii qabuudha. Jaalallii Jaawwaraan jalqabees hiriyyummaa har'a qofa osoo hin taanee kan bor bultii waliiniis akka jiraataniif ture.

Garuu guyyaa tokkoo Jaawwaraa fi kuluuleen utuu jaalalaan jiraatanii sababni rakkoo Jaawwaraas ta'uu kuluulees hin taanee mudannoon utuu wal jaalalaan jiraatanii akka gargar jiraataniif dirqamuu isaan mudate. Kunis sirna yeroo sana biyya bulchuu jumlaan dargaggoota qabee waan hidhuuf kunis Jaawwaraan caarraa kanaan akka jaalallee isaa akka dhaabuu isaa godhee jira. Guyyaa tokko jaalalleen Jaawwaraa akkas jette.

“...Jaawwee har'a garaankoo nahi nahi naan jedha. Maalin dhagaha tayinna? Jette. Fuula (39)

yaadni kun ibsu akka abjuu ture garuu abjuun sun gaarii ta'u baatullee galgala gaafa sanaa kaasee Jaawwaraan poolisootaan reebamee mana hidhaa gale kaasee kuluuleen

utuu jaallatu jaalala ishee wajjin dhandhamachaa jiraachuun guyyaa sana kaasee addaan citee..

Jaawwaraan sababa fincila diddaa garbummaaf baqataa ta'e bakka bakkatti yeroo naannoo dhaloota isarraa fagaata deemuu illee jaalala kuluuleef qabu akka keessii isaa amma waa'ee isheef akka midhamaa (Xinsammuun isaa waa'ee ishee dagachuu akka hin dandeenye beeksise.

Yeroon deemsa konkolaataa kachamaalee ilaalu, sekoondiif daqiiqaa konkolaataan deemutti fageenya kilometra dhibbaan lakkaa'amurra darbee kan kumaan lakkaa'amuun jaalalleekoo osoo hinjaalatiin adda irra ba'e fagaachaa akkan deemu natti mul'ate. jaalalli kuluulee abdi jireenyakoo biyya lafaa ta'ee jalqabe, har'a fageenya lafa kilometira hamma kanaa fagaatu irrattillee kaayyoo bulloo jaalalaa miti, kaayyoo fincila diddaa gabrummaallee akka ani fiixaan baasuu hindandeenye na gaadi'e.... fuula (116)

Yaada armaan olii kanarraa Jaawwaraa fincila diddaa gabrummaaf baqataa ta'ee bakka jiraate hundatti jaalala kuluuleef qabu utuu addaan hin kutin deddeebi'a ture.

Walumaagalatti Jaawwaraan addunyaa jaalala kuluuleef qabu keessatti nama biraf yookaan shamarraan bira utuu hin jaallatin guyyaa tokko deebi'ee kuluulee arguu danda'ee jira.

3.6.3.2 Kuluulee

Qooddattuun kun qooddattoota fakkaatti goobangaleessaa dha. Akkasumas jalqaba seenaa asoosamichaa irra kaasuun gochaan hojiin ishee amma xumura seenaa asoosama kanattis kan xumurtee yoo ta'uu, xumurri asoosama dheeraa mil'uu miliquu illee waa'ee ishee fi waa'ee goobangaleessa Jaawwaraa dhuma irrattii walarguu isaaniin mudannoo isaan mudate xumura isaa utuu nutti hin himin barreeffamichi addaan citee jira.

Kuluulee seenaa asoosama kana keessatti utuu kutaa 11ffaa barattuu jaalala Jaawwaraa waliin jalqabde. Isheen barattuu kaayyoo qabduufi akkasumas seenaa asoosama kana

keessattii amanamtu ta'uun kan beekamtu safuu hawaasa kan eegduu barnoota isheettis barattuu cimtuu ta'uun amma xumuuratti kan galmaan geessedha.

Seenaa jaalala jalqabuu ishee keessatti yeroo dheeraaf Jaawwaraa ergaa akka ishee jaallatu irra deddeebi'ee waan ishee rakkiseef, kaayyoo ishee kan fuuladuraatti ifa gooteef

“...dhiifama naaf godhi Jaawwaraa..... yeroon amma anis ta'e ati irra jirru jireenya keenya gara fuuladuraaf kan itti dhagaa bu'uuraa keenyudha malee kan itti jaalala keessa gallee waltakaallu miti.....” fuula (32)

yaada kanarra kuluuleen Jaalalli hin barbaachisu jechuu utuu hin ta'iin waa'ee kaayyoo isheef Innis nama kaayyoo ta'uu akka qabuuf deebii akkasii Jaawwaraaf deebiste.

Kuluuleen turtii muraasa booda dhugaa jiru baruuf Jaawwaraa wajjiin utuu gaaffii isaaf deebii jaalala hin deebisin gaaffiin itti dhihatte.

“...Garuu ati si jaaladha jettee gaafduraa kan kifilee natti ergite amma immoo kan lama taatanii ana duukaa buutan Sababni isaa inni dhugaan maal akka ta'e har'a irra deebii naaf himimee Jaawwaraa. Jaalalleekee waliin ni waldhabde Yoo ta'es hanga yoonatti jaalallee osoo hinqabaatiin jirta yoo ta'es” jette.....” fuula (37)

yaada kanarra kan hubatamu kuluuleen kaayyoo Jaawwaraa baruuf isaa gaaffii dhiyeessiteef.

Kuluuleen erga kaayyoo Jaawwaraa jaalalaaf nama jalqabaa ta'u isaa erga hubatte booda, onnee ishee jaalala isaaf karaa banuu dandeessee.

“... Jaawwaraa, egaa dhuguma hojiin keefi keessikee akka afaan kee yoo ta'e aniif ati jaalala dhugaa A B C D ... jennee waliin jalqabuun keenya hinoolu..... ” fuula (38)

kuluuleen yeroo kanaa kaafttee Jaawwaraaf Jaalallee dhugaa fi amanamtu taatee Jaawwaraan waliin addunyaa jaalala jalqabde.

Kuluuleen jaalalaan utuu Jaawwaraa waliin jiraattuu guyyaa tokko waanti rakkoo ishee yookaan rakkoo Jaawwaraas hin taanee akka gargar jiraatan wantii dirqamu isaan mudate. Innis Jaawwaraan sababa sirna bulchiinsa yeroo sana barataa Oromoo yakka malee qabee hiidhuuf hidhame.

Erga jaalalleen ishee hidhame kuluuleen mana hidhaatti, jaalala isaaf qabuuf manni hidhaa jaalala ishee akka gargar kutuu hin deenyee keessoo isheen ibsiteef...

“... Jaawweekoo maaloo adaraa Waaqa jaalalaa, yoo mana hidhaa kana keessaa ba'uu dandeessu ta'es yoom akka baatan, yoommoo asuma turtu ta'e akkamitti akkan nyaata isiniif fiduu danda'u natti himikaa?... ” fuula (64) Waraabbiin kun kuluuleen akkam jaalallee isheef amanamtu ta'uu ishii mul'isa. Seenaa jaalala ishee keessatti jaallachuuniifi mudannoon jaalallee ishee sababa mana hiidhaafi rakkoo siyaasaa yeroo sana jiruun qaaman irra fagachuun kuluuleef kan jalqabaa ta'uus jaalala Jaawwaraaf qabdu utuu addaan hin kutin bara dheeraaf turu dandeesse jirti.

Kuluuleen bifaan bareeddu taatee utuu jirtu gara Jaawwaraa ittiin dagattu sababa dhabdeef bara dheeraa hiriyyaa jaalala utuu hin qabatin Xinsammuun ishee waa'ee isaaf utuu yaaddoftu barnoota ishee Yuunivarsiitii Finfinneetti barattee xumurtee jirti.

“..Akkanumaan osoo hiriyyaa lama ta'anii deeman ilaaltee boossuu, turtii waggaa afurii keessatti osoo guyyaa tokko hingammadiin barnoota ishee Yuunivarsiitii Finfinnee xumurte.... jaawweekoo..... maaloo..... maal ta'a yoo bineensi nyaate waa natti dhaame. Injitamoo duuteetta laata.. ” fuula (121-122)

yaada kanarra kuluuleen jaalala jaawwaraaf qabdu sadarkaan barnoota illee akka jijjiiruu hin dandeenye irra hubatama. Kuluuleen erga barnoota xumurte guyyaa ebba ishees sababa jaawwaraaf gaddaan dabarsitee jirti. Kuluuleen jaalallee hiriyyaa jaalala isheef rakkoo keessattuu amanamtudha.

Walumaagalatti mata dure kana jalatti, gahee qooddattoota jaalala asoosama mil'uu miliquu keessatti kan argaman kan jaawwaraafi kuluulee ilaalle. Kuluulee fi Jaawwaraan sababa sababa rakkoo siyaasaaf malee hariiroon jaalala isaanii sirriifi amanamummaa hamma dhumatti kan qabu turte.

BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

4.1 Cuunfaa

Qorannoon kun xinxala qooddattootaafi Malleen qoddachisuu asoosama dheeraa mil'uu miliquu irratti kan xiyyeeffatu jedhu irratti adeemsifame jira.

Qorannoon kun yeroo geggeeffame xumuramuuf kutaawwan (Boqonnaalee) afur tti qooduun qoratan qorannicha adeemsisee jira. Isaan kanas dhimmoota isaan kaasaniin tokko tokkon yoo ilaalle.

Boqonnaa tokko keessatti waa'ee seenduubee qorannichaa dhimmoota ogbarruu oromoon walqabatan gabaabinaan erga kaasnee ilaalle booda, qorannicha deemsiisuuf bu'uuraa kan ta'aan : Ka'umsa qorannichaa, gaaffiiwwan qorannichii kaasu, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa fi malleewwan qorannichi ittiin adeemsifame kanneen boqonnaa kana jalatti kaasee jira.

Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruun kan walqabate : maalummaa sakatta'a barruu, tooftaawwan qooddattootaaf ga'ee itti kennan, Qooddattoota dhaabbii qaamaan hirmaachisu, amalaan hirmaachisu, Xinsammuun hirmaachisu, fi ofiin dubbiin hirmaachisu. Itti dabalee akaakuuwwan qooddattoota asoosama: Isaan kana jalatti. Qooddattoota gargaartuu, goobangaleessa, fi qooddattoota masaanuu akkasumas maalummaa qooddattoota asoosama fi sakatta'a barruu walfakkii,

kanneen kana jalatti kaasee jira.

Boqonnaa sadii (3) keessatti xinxala mala qooddaachiisuufi qooddattoota asoosama dheeraa mil'uu miliquu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'uu. Maalummaa maqaa asoosama dheeraa mil'uu miliquu, seenaa asoosamichaa, yaadrimee qooddattootaaf Qooddaachiisuu asoosamaa, akaakuuwwan qooddattoota mil'uu miliquu, xinxala qooddattootaa : kan goobangaleessaa, kan qooddattoota gargaartu fi qooddattoota masaanuu, akkasumas waa'ee eenyummaa keessoofi eenyummaa alaa qooddattoota xinxalee jira.

Qooddattoota haala ga'een isaan qabaniin hirmaachisa barreessaan kenneef kanneen akka ga'ee haadhummaa, Abbummaa fi ga'ee jaalala dargaggeeyyii kanneen kana ga'ee isaaniin xinxalee jira.

Boqonnaa arfaaffaa kanatti immoo yaada cuunfaa boqonnaa hunda keessatti argaman ka'uun mataduree cuunfaa, argannoo yaada furmaata jedhuu ofkeessatti qabachuun dhuma irratti wabii ka'ee jira.

4.2 Argannoo

Qorannoo kana keessatti jalqabaa kaasuun amma dhumatti (xummuratti) kan xiinxalee yoo ta'u wanti argame ni jira. Isaan kana hunda akka argannootti mataduree kana jalatti dhiyaatanii jiru.

- Barreessaan asoosama dheeraa mil'uu miliquu waa'ee qooddattoota yeroo Qooddaachiisuu jalqabaa kaasuun kan argamee Addunyaa dhugaa hawaasa keenya keessatti argamu waa'ee barattoota oromoo fi sirnoonni darban, gocha isaan raawwataa turan dhugaa hawaasa keessatti argamu haala gaariin kan hirmaachisedha.
- Qooddattootaaf eenyummaa barreessaan kenne haala gaarii ta'een waa'ee isaanii kan ibsuudha. Fakkeenyaaf waa'een sirnoota darbanii eenyummaa keessoo isaanii baay'ee hamaa kan ta'ee godhee qooddaachiisee jira. Kun ammoo dhugaa hawaasicha keessatti fudhatama qabuudha.
- Barreessaan mala qooddachiisuu isaa yeroo qooddattootaaf kennuu, haala jalqabaa hamma dhumatti qooda fudhatan sana rawwaachuu keessatti tartiibni gocha isaanii dhugaa hawaasa keessatti rawwatamaa ture waliin akkaataa sirnichi uummata Oromooti jabaataa dhufeen walduhubbii goobangaleessaa fi masaanootas jabaachaa dhufuun seenicha sirritti bakka kan bu'uu ta'u danda'ee jira.
- Asoosamni dheeraan mil'uu miliquu kun kalaqa ta'ee utuu jiru, akkaataa namaaf galuu danda'uun rakkoo sirnoota darbanii, biyya kana bulchaa turaan uummata

hubachiisuun, dhaloonni amma garuu waan hundaan guddachuuf sirnoota kana ofirraa kaasuu akka qabu, yaada barreessaan qooddattoota masaanuu fi goobangaleessaa gidduutti hirmachiise irraa ka'uun qorannoon kun ni mirkaneessa.

4.3 Yaada furmaata

Asoosama dheeraa mil'uu miliquu keessatti, waa'een eenyummaa qooddattoota utuu sirriitti bahee mul'ate ergaan asoosamicha fudhatamummaan isaa baay'ee dachaan dabalaa jedheen yaada. Sababni isaas namni waa'ee nama tokko kan murteessuu waa'ee eenyummaa keessoo fi alaa beekuun waan ta'eef jechuuudha.

Inni biraan asoosamni kun utuu milkaa'insa goobangaleessaa utuu eegamu garuu xumurri isaa yaada dhaabbataa hin qabu. Kunis ergaa utuma dabarsee jiru, waa'een goobangaleessaa yaada gaaffii uumuun xumuree jira.

WABII

Addunyaa Barkeessaa. (2019). Akkamtaa:Yaad-rimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee:keyline Printing press.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela:Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading Plc.

Berhanu Mathewos. (2009). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa:Alpha printres.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii:Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo*. Finfinnee:Subii Printing press.

Fedhasaa Taaddasaa. (2019). *Bu'uuraalee ogbarruu Oromoo* : Finfinnee subii printing press

Guutaa Rabbirraa. (2005). *Mil'uu miliquu* . Finfinnee:Dhaabbata Maxxansa Artistikii.

Hallic and Burnet. (1975). *Fiction Writers:Hand Book*. New York:Harper and Row Publisher.

Harry Show. (1905). *Dictionary of Literary Terms*. New York:Mc Grow Hill Book Campany.

-----.

Jaarraa Wasaneefi Wasanee Bashaa. (2000). *Bantuu Haaraa:Caas-lugaafi Og-barruu Afaan Oromoo*. Finfinnee:

Lataa Tasfaa. (2013). "Xiinxala Qooddachiisa Asoosama Imaanaa Imaltuu." Yuunivarsiitii Addis Ababaa(kan hinmaxxanfamne).

Meryer

Max Gunter. (1975). *Writing and Selling a Non Fiction Book:The Writen Inc. Publisher.*

Scott

Taaddasaa Badhaasaa. (2017). "Xiinxala Ga'ee Nam-fakkilee Asoosama Madaa Laagaa." Yuunivarsiitii Addis Ababaa(kan hinmaxxanfamne).

Walcutt Charles Wild. (1966). *Mans Changing Max: Models and Methods of Characterization in Fiction U.S.A:Jones Press.*

Wasanee Bashaa. (2008). *Seer-luga Afaan Oromoo: Saaqaa Afaan Oromoo*. Fifiinne:Efficient G.T.

Yaadasaa Tolosaa. (2008). *Malleen Qorannoo Walii Galaa*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaa fi mallaattoon koo armaan gadiitti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan duraa Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanee, ta'uu isaa fi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa **Qorataa** **:-**

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Maqaa **Gorsaa** **:-**

Mallattoo _____

Guyyaa _____